# WANGEELA MAARQOOSI

## Yohaannis Cuuphaan Karaa Kopheessuu Isaa

*1:2-8 Kwf ⇒ Mat 3:1-11; Luq 3:2-16*

**1** Jalqaba wangeela Yesuus Kiris-
toos Ilma Waaqayyoo.

**2**Kitaaba Raajii[a] Isaayyaas kees-
satti akkana jedhamee barreef-
fameera;
"Kunoo, ani ergamaa kiyya isa
karaa sii kopheessu,
si dura nan erga;"
**3**"Sagalee[b] nama, 'Gooftaaf karaa
qopheessaa;
daandii qajeelaas isaaf ho-
jjadhaa' jedhee
lafa onaa[c] keessaa iyyu tok-
koo."

**4**Kanaaf Yohaannis lafa aloo
keessatti nama cuuphaa, dhiifama
cubbuutiif immoo cuuphaa cub-
buu irraa deebii[d] lallabaa dhufe.
**5**Namoonni Yihuudaa guutummaatti,
warri Yerusaalem hundinuus gara
isaa dhaqanii cubbuu isaanii
himachaa, laga Yordaanosi kees-
satti harka isaatti cuuphamaa turan.
**6**Yohaannis uffata rifeensa gaalaa
irraa hojjatame uffatee, mudhii[e]
isaas teephaan hidhata ture; nyaanni
isaas hawwaannisaa fi damma
bosonaa ture. **7**Innis akkana jed-
hee lallabaa ture; "kan na caalaa
humna qabu, hidhaa[f] kophee
isaallee gadi jedhee hiikuuni kan
naaf hin malle tokko na duubaan
ni dhufa. **8**Ani bishaaniin isin
cuupha; inni garuu Hafuura Qulqul-
luudhaan[g] isin cuupha."

## Cuuphamuu Fi Qoramuu Yesuus

*1:9-11 Kwf ⇒ Mat 3:13-17; Luq 3:21, 22*
*1:12,13 Kwf ⇒ Mat 4:1-11; Luq 4:1-13*

**9**Yeroo sana Yesuus magaalaa[h]
Naazireet ishii Galiilaatii dhufee
laga Yordaanos keessatti harka
Yohaannisiitti cuuphame. **10**Akkuma
Yesuus bishaan keessaa baheen,
samiin banamee Otoo Hafuurri
Qulqulluun akka gugeetti[i] isa irratti
gadi bu'uu arge. **11**Qoonqi, "ati
Ilma kiyya isa ani jaaladhuu dha;
ani baayee sitti nangammada"
jedhu tokkos samii irraa dhufe.
**12**Yeruma sanas Hafuurri
Qulqulluun gara lafa onaatti isa
erge; **13**Innis guyyaa afurtama
Sheexanaan qoramaa[j] lafa onaa
keessa ture. Innis bineensota
waliin ture; Maleekkonni Waaqay-
yoos isa tajaajilaa[k] turan.

## Barattoonni Jalqabaa Waama-muu Isaanii

*1:16-20 Kwf ⇒ Mat 4:18-22; Luq 5:2-11; Yoh 1:35-42*

**14**Erga Yohaannis mana hid-
haatti galfamee booddee[l] Yesuus

[a]2 ykn *himana;* [b]3 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [c]3 ykn *lafa aloo/hadiyyoo;* [d]4 ykn *qalbii jijjiirachuu;* [e]6 ykn *hidhaana;* [f]7 ykn *seemsaa;* [g]8 ykn *Ayyaana Woyyuuni;* [h]9 ykn *dira;* [i]10 ykn *saphaliisaatti/ handariitti;* [j]13 ykn *ilaallatamaa;* [k]13 ykn *isa jala hojjachaa;* [l]14 ykn *duubatti*

Wangeela Waaqayyoo lallabaa Galiilaa seene. [15]Innis,"barri sun ga'eera; mootummaan Waaqayyoos dhiyaateera; cubbuu irraa deebi'aatii wangeela amanaa[m]!" jedhe.

[16]Yesuus otoo galaana Galiilaa bira dabraa jiruu Simoonii fi Indiriyaas obboleessa Simoon otoo isaan xaxoo isaanii bishaanitti darbatanuu arge; isaani qurxummi-qabdoota turaniitii. [17]Innis, "na faana koottaa; ani nama-qabdoota isin godhaattii" jedheen. [18]Isaanis yeruma sana xaxoo isaanii dhiisanii isa hordofan.

[19]Yesuusis xiqqoo achi hiiqee Yaaqoob ilma Zabdeewosiitii fi Yohaannis obbolleessa Yaaqoob otoo isaani bidiruu[n] tokko keessa taa'anii xaxoo isaanii qopheeffatanuu arge; [20]Innis yeruma sana isaani waame; isaanis abbaa isaanii Zabdeewoosin tajaajiltoota mindeeffaman[o] wajjiin bidiruu keessatti dhiisanii Yesuusin hordofan.

### Yesuus Hafuura Xuraawaa Baasuu Isaa

*1:21-28 Kwf ⇒ Luq 4:31-37*

[21]Isaanis Qifirnaahom dhaqan; Yesuusis guyyaa Sanbataatiin mana sagadaa seenee barsiisuu jalqabe. [22]Innis akka barsiistota seeraatti otoo hin ta'in akka nama aangoo[p] qabuu tokkootti waan barsiisaa tureef namoonni barsiisa isaa ni dinqifatan[q]. [23]Yeroo sanatti namichi hafuura xuraawaan qabame tokko mana sagadaa isaanii keessa ture; Innis iyyee, [24]Akkana jedhe; "yaa Yesuus nama Naazireeti, ati maal nurraa qabda? Nu balleessuu dhufte moo? yaa Qulqullicha Waaqayyoo, Ati eenyu akka taate ani nan beeka."

[25]Yesuusis, "caldhisii isa keessaa ba'i!" jedhee hafuura xuraawaa sana ajaje. [26]Hafuurri xuraawaan sunis namicha dhidhiitachiisee, qoonqa guddaadhaan iyyee keessaa ba'e.

[27]Namoonni martinuu maadeffatanii, "kun maalii? Barsiisa haaraya aangoo uf keessaa qabu! Inni hafuura xuraawaallee ni ajaja; isaanis ni ajajamuuf" waliin jedhan. [28]Waayeen isaas biyya Galiilaa cufa keessatti dhagaa'ame.

### Yesuus Nama Hedduu Fayyisuu Isaa

*1:29-31 Kwf ⇒ Mat 8:14, 15; Luq 4:38,39*
*1:32-34 Kwf ⇒ Mat 8:16, 17; Luq 4:40,41*

[29]Isaanis akkuma mana sagadaa keessaa ba'aniin Yaaqoobii fi Yohaannis waliin mana Simooniitii fi Indiriyaas dhaqan. [30]Amaatiini[r] Simooniis dhukkuba nafa nama gubuun qabamtee ciifti turte; isaanis waayee isii

[m]15 ykn *dhugeeffadhaa;* [n]19 ykn *hoboloo;* [o]20 ykn *hojjattoota horiin hojjachiifaman;* [p]22 ykn *guddinna;* [q]22 ykn *in maadeffatan/ ni ajaa'ibsiifatan;* [r]30 ykn *haatii soddaa/ soddaatiin*

Yesuusitti himan. 31 Innis dhaqee harka qabee isii kaase; dhukkubni sunis achumaan isii dhiise; isiinis isaani tajaajiluu jalqabde.

32 Namoonnis galgala sana, eega biiftuun lixxee booddee, dhukkubsattootaa[s] fi warra jinniin qabaman hunda Yesuusitti fidan; 33 Magaalaan sun guutuunis balbala duratti walitti qabame. 34 Yesuusis namoota hedduu dhukkuba garagaraa irraa fayyise; jinniiwwan baay'ees ni baase; garuu inni sababii jinniiwwan sun eennummaa isaa beekaniif akka isaan dubbatan hin eeyyamneef.

### Yesuus Bakka Namni hin jirretti Kadhachuu Isaa

*1:35-38 Kwf ⇒ Luq 4:42,43*

35 Yesuus ganama barii dimimmisaan ka'ee manaa ba'ee, bakka[t] namni hinjirre tokko dhaqee achitti kadhate. 36 Simoonii fi warri isa wajjiin turan isa barbaaduu deeman. 37 Isaanis yommuu isa argatanitti, "namni cuftinuu si barbaadaa jira!" jedhaniin.

38 Yesuusis deebisee, "Akka ani achittis lallabuuf koottaa gara magaalota dhiyoo jiran dhibii[u] dhaqnaa; ani sababii kanaaf dhufeetii" jedheen. 39 Innis manneen isaan itti sagadan keessatti lallabaa, jinniiwwanis baasaa, biyya Galiilaa mara keessa deemaa ture.

### Nama Lamxaa'aa Tokko

*1: 40 - 44 Kwf ⇒ Mat 8:2-4; Luq 5:12-14*

40 Namichi lamxaa'aan[v] tokko gara isaa dhufee jilbiinfatee, "Yoo fedhii kee ta'e ati na qulqulleessuu ni dandeetta" jedhee isa kadhate.

41 Yesuusis garaa laafeefii, harka diriirfatee, namichas tuqee, "fedhii kiyyaatii qulqullaa'i!" jedheen. 42 Yeruma sana lamxiin sun namicha irraa bade; namichis ni fayye.

43 Yesuusis ajaja jabaa keneefii yoosuma gadi isa dhiise. 44 Akkanas jedheen; "ati akka waan kana nama tokkottillee hin himne of eeggadhu; garuu dhaqiitii lubatti[w] of agarsiisi; akka namoota sanaaf ragaa[x] ta'uufis qulqullaa'uu keetiif aarsaa[y] Muuseen ajaje sana dhiyeessi." 45 Namichi garuu achii ba'ee sodaa malee odeessuu jalqabe; kanaafis Yesuus ergasii baadiyaa lafa namni hin jirre ture malee ifatti ba'ee magaalattii seenuu hin dandeenye; namoonni garuu bakka cufatti isa bira dhufaa turan.

[s]32 ykn *warra fayyaa hinqabne;* [t]35 ykn *fulaa;* [u]38 ykn *gara biraa/ibaa;* [v]40 ykn *qomaaxa'aan /qurciin;* [w]44 ykn *qaalluutti;* [x]44 ykn *dhugaa-ba'iisa/ dhugeessaa;* [y]44 ykn *sooriyoo*

**Yesuus Nama Laamsha'aa Tokko Fayyisuu Isaa**

*2:3-12 Kwf ⇒ Mat 9:2-8; Luq 5:18-26*

2 Yesuusis bultii gabaabduu booddee[z] Qifirnaahomitti deebi'e; namoonnis akka inni mana jiru dhaga'an. [2]Namoonni akka malee baay'atan walitti qabamnaan bakkii[a] dhabamee balbala durrilleen dhiphate; innis dubbicha isaanitti lallabaa ture. [3]Jarri tokkos nama laamsha'aa[b] namoota afuuriin baatame tokko gara isaatti fidanii dhufan. [4]Isaanis sababii baay'inna namaatiif namicha sana Yesuusitti dhiyeessuu dadhabanii qixa[c] Yesuus tureen bantii[d] manaa uranii siree namichi laamsha'aan irra ciise sana gadi buusan. [5]Yesuusis yommuu amantii[e] isaanii argetti namicha laamsha'aa sanaan, "ilma kiyya, cubbuun kee sii dhiifameera[f]" jedhe.

[6]Barsiistonni seeraa tokko tokkos achi tataa'anii garaa isaanii keessatti, [7]"namichi kun maliif akkana dubbata? Kun Waaqa arrabsuu dha! Waaqa tokkicha malee eennuttu cubbuu namaaf dhiisuu danda'a?" jedhanii yaadaa turan.

[8]Yesuusis yeruma sana akka jarri garaa isaanii keessatti akkas yaadan hafuura isaatiin hubatee akkana jedheen; "isin maaliif garaa keessan keessatti akkas yaaddu? [9]Isa kamtu salphaa dha? Namicha laamsha'aa sanaan 'cubbuun kee sii dhiifameera' jechuu moo 'ka'iitii siree kee fudhadhuu deemi' jechuu? [10]Garuu isin akka ilmi namaa dhiifama cubbuu gochuuf lafa irratti aangoo[g] qabu beekaa." Namicha laamsha'aa sanaanis, [11]"Ani sitti nan hima; ka'i; siree kees fudhadhuutii mana keetti gali" jedheen. [12]Innis ka'ee, yeruma sana siree isaa fudhatee otuma isaan hundinuu arganuu gadi ba'e; hundi isaaniis dinqifatanii[h], "nu takkaa waan akkanaa arginee hin beennu" jedhanii Waaqa galateeffatan.

**Waamamuu Leewwii**

*2:14-17 Kwf ⇒ Mat 9: 9-13; Luq 5:27-32*

[13]Yesuus ammas gara qarqara galaanichaatti gadi ba'e; namoonni baay'eenis isa biratti walitti qabaman; innis isaani barsiisuu jalqabe. [14]Otoo achiin dabraa jiruus, Leewwii ilma Ilfiyoosi otoo inni bakka itti qaraxa walitti qaban taa'uu argee, "na hordofi" jedheen; Leewwiinis ka'ee isa hordofe.

[15]Yommuu Yesuus mana Leewwiitti irbaatatti[i] dhiyaatetti warri qaraxa walitti qabaniifi

[z]1 ykn *duubatti;* [a]2 ykn *fulaan;* [b]3 ykn *kokkottaa'aa;* [c]4 ykn *qajeela;* [d]4 ykn *gubbaa;* [e]5 ykn *dhugeeffachaa;* [f]5 ykn *ya sirraa dhiqame;* [g]10 ykn *guddinna;* [h]12 ykn *maadeffatanii/ ajaa'ibsiifatanii;* [i]15 ykn *golola halkanii*

cubbamtoonni hedduuni isaa fi barattoota isaa waliin dhiyaatanii turan; namoonni isa hordofan hedduu turaniitii. 16Barsiistonni seeraa warri Fariisota turan yommuu isaa cubbamtootaa fi warra qaraxa walitti qaban waliin nyaatu arganitti, "inni maaliif warra qaraxa walitti qabanii fi cubbamtoota waliin nyaata?" jedhanii barattoota isaa gaafatan.

17Yesuusis yommuu waan kana dhaga'etti, "dhukkubsattootatu[j] ogeessa fayyaa barbaada malee warri fayyaa qaban hin barbaadan; ani cubbamtoota waamuuf malee qajeeltota waamuuf hin dhufne" jedheen.

### Gaaffii Waayee Soomaa Irratti Dhiyaate

*2:18-22 Kwf ⇒ Mat 9:14-17; Luq 5:33-38*

18Barattoonni Yohaannisiitii fi Fariisonni ni soomu turan; namoonni tokko tokko gara Yesuus dhufanii, "barattoonni Yohaannisiitii fi barattoonni Fariisotaa ni soomu; barattoonni kee garuu maaliif hin soomne?" jedhanii isa gaafatan.

19Yesuusis deebisee akkana jedheen; " otoo dhiirsi misirroo[k] isaan wajjiin jiruu keessummoonni cidha[l] fuudhaafi heerumaa akkamitti soomuu danda'u? isaan hanga inni isaan wajjiin jirutti soomuu hin danda'an. 20Garuu guyyaan itti dhiirsi misirroo isaan biraa fudhatamu ni dhufa; isaanis gaafas ni soomu.

21"Namni erbee[m] huccuu[n] haaraya uffata moofaa[o] irratti hodhu tokkolleen hin jiru; yoo hodhe immoo erbeen haarayi[p] sun uffata sana tarsaasa; tarsa'aan isaas ittuma caala. 22Namni daadhii wayinii haaraya qalqalloo[q] moofaatti naqu tokkoyyuu hin jiru; Yoo itti naqe immoo daadhiin sun qalqalloo sana dhoosa[r]; daadhichis, qalqallichis horoomaa ba'u. Qooda kanaa daadhiin wayinii haaraayi qalqalloo haarayatti naqamuu qaba.

### Gooftaa Sanbataa

*2:23-28 Kwf ⇒ Mat 12:1-8; Luq 6:1-5*
*3:1-6 Kwf ⇒ Mat 12:9-14; Luq 6:6-11*

23Guyyaa Sanbataa tokko Yesuus oobruu[s] midhaanii keessa dabraa ture; barattoonni isaas otoo isa waliin deemaa jiranuu asheeta qamadii[t] cirachuu jalqaban. 24Fariisonnis, "ilaa! barattoonni kee waan guyyaa Sanbataatiin hojjachuuni hin eeyyamamne hojjatuu "jedhaniin.

25Yesuusis akkana jedhee deebise; "yeroo Daawitii fi warri isaa wajjiin turan beelahanii rakkatanitti waan Daawit godhe sana isin takkumaa hin

[j]17 ykn *warra fayyaa hin qamnettu;* [k]19 ykn *abbaani fuudhaa /ashilaani;* [l]19 ykn *jila;* [m]21 ykn *erbaa;* [n]21 ykn *woyaa/woccuu;* [o]21 ykn *dullacha;* [p]21 ykn *haarofni;* [q]22 ykn *gorjoo;* [r]22 ykn *tarsaasa;* [s]23 ykn *maasaa/maasii;* [t]23 ykn *dargaayyee*

dubbifnee? 26 Bara Abiyaataar luba ol aanaa[u] ture, Daawit mana Waaqayyoo seenee buddeena kennaa kan akka luboonni qofti nyaataniif eeyyamamne sana nyaate; warra isa waliin turaniifis kenne."

27 Yesuusis akkana jedheen; "Sanbatatu namaaf uumame malee namni Sanbataaf hin uumamne. 28 Kanaaf ilmi namaa Sanbataafillee gooftaa dha."

3 Yeroo biraas[v] Yesuus mana sagadaa seene; namichi harki isaa goge tokkos achi ture. 2 Isaan keessaas namoonni tokko tokko Yesuusin himachuuf jedhanii sababa barbaadan; kanaaf akka inni guyyaa Sanbataa namicha fayyisuu fi akka inni hin fayyifne ilaaluuf isa gaadaa turan. 3 Innis namicha harki goge sanaan, "ka'ii nama hundumaa fuula-dura dhaabadhu" jedhe.

4 Yesuusis, "guyyaa Sanbataatiin isa kamitu eeyyamama? Waan gaarii gochuu moo waan hamaa gochuu? Lubbuu oolchuu moo ajjeesuu?" jedhee isaan gaafate; isaan garuu deebii hin kennineef.

5 Innis mata-jabeenna isaaniitti akka malee gaddee[w], aariidhaan garagalee, isaan ilaale; namicha sanaanis, "harka kee diriirfadhu!" jedhe; Namichis harka isaa diriirfate; harki isaas ni fayye. 6 Fariisonnis gadi-ba'anii yeruma sana haala ittiin Yesuusin ajjeesuu danda'an garee Heroodis waliin mariyachuu jalqaban.

**Namoonni Yesuusin Hordofan**

*3:7-12 Kwf ⇒ Mat 12:15, 16; Luq 6:17-19*

7 Yesuus barattoota isaa wajjiin gara galaanichaatti hiiqe; namoonni akka malee baayatanis Galiilaadhaa isa hordofan. 8 Namoonni baay'eenis yommuu waan inni hojjachaa ture mara dhagayanitti Yihuudaadhaa, Yerusaalemii, Edoomiyaasii, biyya Yordaanos gamaatii, naannoo Xiiroosiitii fi Siidoonaatii gara isaa dhufan. 9 Innis akka baay'inna namaatiin dhiibamee hin ukkaamamneef akka isaan bidiruu[x] diqqoo tokko isaaf qopheessan barattoota isaatti hime. 10 Sababii inni nama baay'ee fayyisee tureef, warri dhukkubsatan cuftinuu isa tuquuf jedhanii wal-cabsa[y] gara isaatti fiigan. 11 Hafuuronni xuraawoonis yeroo isa argan hunda fuula isaa duratti kufanii[z], "ati Ilma Waaqayyoo ti!" jedhanii iyyu turan. 12 Inni garuu akka isaan eenyummaa isaa hin himneef jabeessee isaan ajaje.

**Muudamuu Ergamtootaa**

*3:16-19 Kwf ⇒ Mat 10:2-4; Luq 6:14-16; HuE 1:13*

13 Yesuusis tulluutti ol ba'ee

[u] 26 ykn *qaallicha guddaa;* [v] 1ykn *dhibiillee;* [w] 5 ykn *laaleffatee;* [x] 9 ykn *hoboloo;* [y] 10 ykn *gugachaa;* [z] 11 ykn *jijjiganii*

warra ufii isaatii barbaade ufitti waame; isaanis gara isaa dhufan.
[14]Innis akka isaan isa bira jiraataniifi akka lallabaaf isaan erguuf namoota kudhanii lama muudee, "Ergamtoota" jedhee isaan moggaase. [15]Jinniiwwan baasuufis akka aangoo[a] qabaatan isaan godhe. [16]Warri kudhanii lamaan inni muudes, isaan kana: Simoon isa inni "Pheexiroos" jedhee moggaase, [17]Yaaqoob ilma Zabdeewoosiitii fi Yohaannis isa obboleessa Yaaqoob, warra inni "Bo'energees" jedhee moggaase; Bo'energees jechuun ilmaan "Mandiisuu[b]" jechuu dha. [18]Indiriyaas, Filiphoos, Bartalomewoos, Maatewoos, Toomaas, Yaaqoob ilma Ilfiyoos, Taadewoos, Simoon Hinaaftichaa fi
[19]Yihuudaa Asqorooticha kan dabarsee isa kenne sana.

**Yesuusii fi Bi'eel zebuul**

*3:23-27 Kwf ⇒ Mat 12:25-29; Luq 11:17-22*

[20]Yesuusis mana tokko seene; sababi namoonni akka malee baay'atan ammas walitti qabamaniif innii fi barattoonni isaa waa nyaachuullee hin dandeenne. [21]Firoonni isaas yommuu waan kana dhagaa'anitti isa qabuu dhaqan; namoonni, "Inni qalbii dabarseera[c]" jechaa turaniitii.

[22]Barsiistonni seeraa warri Yerusaalemii gadi bu'an,"Inni Bi'eelzebuuliin qabameera; mootii jinniiwwaniitiin jinniiwwan baasa" jedhan.

[23]Yesuusis ofitti isaan waamee akkana jedhee fakkeenyaan isaanitti dubbate; "Sheexanni akkamitti Sheexana baasuu danda'a? [24]Mootummaan tokko yoo gargari qoodame jabaatee dhaabachuu hin danda'u. [25]Manni tokko yoo gargari qoodame, manni sun jabaatee dhaabachuu hin danda'u. [26]Sheexannis yoo ofi isaatiin mormee gargari qoodame, jabaatee dhaabachuu hin danda'u; dhumni isaa ga'eeraatii.
[27]Namni tokkolleen otoo duraan dursee nama jabaa tokko hin hidhin, mana namicha jabaa sanaa seenee mi'a isaa saamuu hin danda'u; erga isa hidhee booddee[d] immoo mana isaa saamuu ni danda'a. [28]Ani dhuguma isinitti nan hima; cubbuun hundinuu, arrabsoon[e] afaan isaaniitii ba'u hundinuus ilmaan namootaatiif ni dhiifama; [29]Namni hafuura Qulqulluu[f] arrabsu kamiyyuu garuu matumaa[g] dhiifama hin argatu; inni itti gaafatamaa cubbuu barabaraa ti."

[30]Yesuusis sababii isaan, "hafuura xuraawaatu isa keessa jira" jechaa turaniif waan kana dubbate.

[a]15 ykn *jabeenna;* [b]17 ykn *kakawwee/ qaqawweessa/bakakkaa;* [c]21 ykn ya *maraate;* [d]27 ykn *duubatti;* [e]28 ykn *arrabni;* [f]29 ykn *ayyaana woyyuu;* [g]29 ykn *akkanallee jedhee*

### Haadha Yesuusiitii fi Obboleeyyan Isaa

*3:31-35 Kwf ⇒ Mat 12:46-50; Luq 8:19-21*

31 Haatii Yesuusiitii fi obbololeey-
yan isaa ni dhufan; ala dhaa-
bataniis akka inni isa waamuufiif
nama tokko itti ergan. 32 Namoonni
baay'eenis isatti naanna'anii taa'aa
turan; isaanis, "Kunoo, haatii
teetii fi obbololeeyyan kee ala
dhaabatanii si iyyaafachaa jiru"
jedhaniin.

33 Innis, "Haati tiyyaa fi obbo-
leeyyan kiyya eenyu?" jedhee gaafate.
34 Yesuusis garagalee warra
naannoo isaa tataa'an ilaalee
akkana jedhe; "haati tiyyaa fi
obboleeyyan kiyya kunoo ti!
35 Namni fedhii Waaqayyoo raaw-
watu[h] martinuu obboleessa kiyya;
obboleettii tiyya; haadha tiyyas."

### Fakkeenna Nama Sanyii Facaasuu

*4:1-12 Kwf ⇒ Mat 13:1-15; Luq 8:4-10*
*4:13-20 Kwf ⇒ Mat 13:18-23; Luq 8:11-15*

4 Ammas Yesuus qarqara
galaanichaatti barsiisuu
jalqabe. Innis namni akka malee
baayatu naannoo isaatti walitti
qabamnaani, bidiruu[i] yaabbatee
galaana irra taa'e; namoonni
cuftinuus qarqara galaanaa
turan. 2 Fakkeenyaanis waan
baay'ee isaan barsiise; barsiisa
isaa keessattis akkana jedhe;
3 "Mee dhagayaa! kunoo, namichi
sanyii facaasu tokko sanyii fa-
caasuu dhaqe; 4 Otuma inni fa-
caasaa jiruus sanyiin tokko tokko
karaa irra bu'e; simbirroonnis[j]
dhufanii nyaatan. 5 Kaan immoo
lafa qarsaa qabu, bakka[k] biyyee
baay'ee hin qabne irra bu'e; biyy-
een isaas waan gadi fageenya hin
qabaatiniif sanyiin sun dafee
biqile. 6 Yommuu aduun baatetti
garuu biqiltuun sun ni xoolage[l];
waan hidda hin qabaatiniifis ni
goge. 7 Sanyiin biraas[m] qoraattii[n]
keessa bu'e; qoraattiin sunis gud-
datee waan isa hudheef[o] biqil-
tuun sun firii[p] tokkollee hin
naqanne. 8 Kaan[q] garuu biyyee
gaarii irra bu'e; ni biqile; ni gud-
date; firiis ninaqate. Inni tokko
dachaa[r] soddoma, kaan dachaa
jahaatama kaan immoo dachaa
dhibba naqate."

9 Yesuusis, " namni kamiyyuu
yoo gurra dhagawu qabaate haa
dhagawu" jedhe.

10 Yeroo inni kophaa turettis
warri kudhanii lamaanii fi
namoonni naannoo isaa turan
dhibiini waayee fakkeenna sanaa
isa gaafatan. 11 Innis akkana jed-
heen; "Dhossaan[s] mootummaa
Waaqayyoo isiniif kennameera;
warra ala jiranitti garuu wonni
martinuu fakkeennaan himama;

[h]35 ykn *guutu;* [i]1 ykn *hoboloo;* [j]4 ykn *simphirreeni;* [k]5 ykn *fulaa;* [l]6 ykn ni *qoncoorrate;* [m]7 ykn *dhibiin;* [n]7 ykn *qoree;* [o]7 ykn *ukkaamseef;* [p]7 ykn *mid-haani/ija;* [q]8 ykn *kuun,* [r]8 ykn *harka;* [s]11 ykn *icciitiin*

12 Kunis,

" 'ilaaluu akka ilaalaniif; garuu
akka hin hubanneef,
dhagawuu akka dhaga'aniif;
garuu akka hin qalbeeffan-
neef,
akka hin deebineefi cubbuun
isaanii akka isaanii hin dhiifam-
neef[t] '."

13 Yesuusis akkana isaaniin jedhe;
"fakkeenyi kun isinumaafuu hin
gallee? Yoos isin akkamitti fak-
keenya cufa hubattu ree? 14 Namichi
sanyii facaasu sun dubbicha fa-
caasa. 15 Namoonni tokko tokko
sanyii karaa irra, lafa dubbichi
itti facaafamee bu'e sana fak-
kaatu; akkuma isaan dubbicha
dhagayaniin Sheexanni dhufee
dubbicha garaa isaanii keessatti
facaafame sana fudhata. 16 Warri
kaanis sanyii qarsaa irratti fa-
caafame fakkaatu. Isaanis yom-
muu dubbicha dhagayanitti yoo-
suma gammachuun fudhatu. 17 Isaan
garuu waan hidda jabaa hinqab-
neef yeroo gabaabaaf turu; yom-
muu sababii dubbichaatiin dhi-
phinni yookiin gaargalli[u] dhufut-
tis dafanii gufatu. 18 Warri kaan
immoo sanyii qoraattii keessatti
facaafame fakkaatu; isaanis warra
dubbicha dhagayan; 19 **G**aruu yaad-
doon jireenna biyya lafaa, gow-
woomsaan qabeennaatii fi hawwiin
waan garagaraa isaan seenee dub-
bicha hudha; firii naqachuus ni
dhowwa[v]. 20 Namoonni kaanis
sanyii biyyee gaarii irratti fa-
caafame fakkaatu; isaanis dub-
bicha ni dhagawu; ni fudhatu;
firiis ni naqatu; inni tokko dachaa
soddoma, kaan dachaa jahaatama,
kaan immoo dachaa dhibba naqata."

### Fakkeenya Ibsaa

21 Innis akkana isaaniin jedhe;
"isin ibsaa guuboo[w] jala yookaan
siree jala kaa'uuf fidduu? Qooda
kanaa baattuu ibsaa irra keettuu
mitii? 22 Wanni dhoffamee otoo
hin mullifamin hafu tokkoyyuu
hin jiruutii; yookiin wanni ha-
guugamee otoo ifatti hin baafamin
hafu tokkoyyuu hin jiru. 23 Namni
kamiyyuu yoo gurra dhagawuu
qabaatee haa dhagawuu."
24 Innis itti fufee akkana jed-
heen; "waan dhageessan hubad-
haa; safartuu[x] isin ittiin namaa
safartaniin isinii safarama; caal-
chisees isinii kennama; 25 Nama
waa qabuuf itti ida'amee ni
kennama; nama hin qabne garuu
wanni inni qabuyyuu isa irraa
fudhatama."

### Fakkeenna Sanyii Guddatuu

26 Ammas akkana jedhe;

[t]12 ykn *irraa hindhiqamneef;* [u]17 ykn *ariatamni /baqni;* [v]19 ykn *dhorga;* [w]21 ykn *kophaafaa;* [x]24 ykn *kiila*

**4:21** *Guuboo* - Guuboon mi'a ittiin midhaan safaran agarsiisa; gara liitrii 8.75 qabata.

"mootummaan Waaqayyoo nama lafa isaa irratti sanyii facaasu tokko fakkaata. [27]Akkamitti akka ta'e namichi beekuu baatullee, inni rafus yookaan dammaqus, sanyiin sun halkanii guyyaa ni biqila; ni guddatas. [28]Lafti ofuma isiitiin midhaan baafti; jalqabatti biqila, itti aansee hudhaa midhaanii, kana booddee immoo midhaan bilchaataa baafti. [29]Namichis sababii yeroon haamaa ga'eef akkuma midhaanichi bilchaateen haamtuu isaatiin haamuu jalqaba."

### Fakkeenya sanyii Sanaaficaa

*4:30-32 Kwf ⇒ Mat 13:31, 32; Luq 13:18,19*

[30]Innis akkana jedhe; "mootummaa Waaqayyoo maliin wal-fakkeessuu dandeenya? Yookaan fakkeenya maaliitiin ibsina? [31]Mootummaan Waaqayyoo sanyii sanaaficaa[y] fakkaata; Sanyiin sanaafichaa kun yeroo lafa irratti facaafamutti sanyii hundumaa gadi xiqqaa dha. [32]Eega facaafamee booddee garuu guddatee biqiltuu mara caala; damee gurgurdaa simbirroonni samii gaaddisa isaa jala boqotanis ni baasa."

[33]Yesuusis fakkeennawwan akkanaa baay'eedhaan hanga isaan hubachuu danda'an cufa dubbicha isaanitti dubbate. [34]Innis fakkeenyaan malee waan tokkollee isaanitti hin dubbanne; Kophaatti garuu waan hunda barattoota isaatiif ni ibsa ture.

### Yesuus Obombolettii Gab-Gochuu Isaa

*4:35-41 Kwf ⇒ Mat 8:18, 23-27; Luq 8:22-25*

[35]Gaafa sana, yeroo lafti galgalaa'etti Yesuus barattoota isaatiin, "koottaa gama ceenaa[z]" jedhe. [36]Isaanis tuuta namootaa sana dhiisanii Yesuusin akkuma inni hoboloo keessa jirutti fuudhanii deeman; hoboloowwan biraas isa waliin turan. [37]Bubbeen jabaan tokkos ka'ee hanga hoboloon sun bishaaniin guutamtutti dambaliin[a] hoboloo seenuu jalqabe. [38]Yesuusis hoboloo sana keessa karaa duubaa boraatii tokko irra rafa ture; barattoonnis isa dammaqsanii, "yaa barsiisaa, dhumuun keenya si hin gaddisiisuu[b]?" jedhaniin.

[39]Yesuusis ka'ee bubbee sana dhowwe; dambalii sanaanis, "caldhisi! gab jedhis[c]!" jedheen. Bubbeen sunis nicaldhise; gabiin guddaanis ni ta'e.

[40]Innis barattoota isaatiin, "Isin maaliif akkana sodaattu? Ammayyuu amantii[d] hin qabdanii?" jedhe.

[41]Isaanis akka malee sodaatanii, "namichi bubbeenis, galaannis ajajamaniif kun eennuu?" jedhanii wal gaafatan.

[y]31 ykn *waan akka midhaani dambii;* [z]35 ykn *taakkinaa;* [a]37 ykn *dhawaan bishaanii;* [b]38 ykn *hin laaleffachiisuu;* [c]39 ykn *qabbanaa'ye;* [d]40 ykn *dhugeeffachaa*

**Yesuus Nama Jinniin Qabamee Tokko Fayyisuu Isaa**
*5:1-17 Kwf ⇒ Mat 8:28-34; Luq 8:26-37*
*5:18-20 Kwf ⇒ Luq 8:38, 39*

5 Isaanis galaanicha ce'anii[e]
biyya Gergeesenoon dhufan.
2Yeroo Yesuus bidiruu[f] irraa
bu'etti namichi Hafuura xuraawaad-
haan qabame tokko bakka[g] aw-
waalaatii ba'ee isatti dhufe.
3Namichi kun bakka awwaalaa
jiraata ture; namni tokkoyyuu
sansalataanillee[h] lammata isa hid-
huu hin dandeenye. 4Sababiin
isaas inni yeroo baay'ee gaadii
sibiilaatii fi sansalataan ni hid-
hama ture; garuu sansalata sana
ni kukkuta, gaadii sibiilaa sanas
ni ciccira ture; namni gadi isa
qabuu danda'u tokkolleen hin
turre. 5Halkanii guyyaas bakka
awwaalaa keessattii fi gaarota
gubbaatti iyyaa, nafa isaas dha-
gaadhaan mummuraa ture.
6Innis yommuu Yesuusin fagootti
argetti itti fiigee, fuula isaa du-
ratti jilbiinfatee sagadeef. 7Sa-
galee[i] guddaadhaanis iyyee, "Yaa
Yesuus Ilma Waaqa guddichaa,
ati maal narraa qabda? Akka na
hin dhiphifneef Waaqaan naa
kakadhu" jedheen. 8Yesuus, "Ati
hafuura xuraawaanana[j], namicha
kana keessaa ba'i!" jedheenii
tureetii.
9Yesuusis, "maqaan kee eenyu?"
jedhee isa gaafate.
Hafuurri sunis, "Nu waan baay'ee
taaneef, maqaan kiyya 'Leegewoon'
jedhama" jedhee deebise. 10Akka
inni biyya sana keessaa isaan hin
ariineefis jabeessee Yesuusin kad-
hate.
11Bakka sanas hoomaan[k]
booyyee guddaan isaa tulluu
irra dheedaa ture. 12Hafuuronni
xuraawooni sunis, "gara hoomaa
booyyee sanaatti nu ergi; akka
itti galluufis nuu eeyyami" jedhanii
Yesuusin kadhatan. 13Yesuusis
ni eeyyameef; hafuuronni xuraa-
woon sunis namicha keessaa
bahanii hoomaa booyyee sanatti
galan. Hoomaan gara booyyee
kuma lamaa of keessaa qabu
sunis ededa hallayyaa irraa gadi
furguggeeffamee galaana seene;
ni liqimfames.
14Warri booyyee sana tissanis
achii baqatanii magaalaa[k] fi baadi-
yaatti waan kana odeessan;
namoonnis waan ta'e sana ilaa-
luu ba'an. 15Isaanis yommuu gara
Yesuus dhufanitti namicha Lee-
gewoonii jinniitiin qabamee ture
sana isaa wayyaa[l] uffatee, qalbii
isaattis deebi'ee achi taa'u argan;
ni sodaatanis. 16Warri duraan
isa arganii turanis waan
namicha jinniidhaan qabamee
ture sanaaf ta'eefi waayee hoomaa

[e]1 ykn *taakkanii;* [f]2 ykn *hoboloo;* [g]**2** ykn *fulaa;* [h]3 ykn *haada sibilaatiinillee/ sinsilaataanillee/ fooncaanillee;* [i]7 ykn *qoonqoo/qoonqa;* [j]8 ykn *xuraawaa kana;* [k]11 ykn *karri /tikni/bobaani;* [l]14 ykn *dira;* [m]15 ykn *uffata*

booyyee namoota sanatti himan.
[17]Jarris akka Yesuus biyya
isaanii keessaa ba'ee deemuuf
jabeessanii isa kadhachuu jalqa-
ban.

[18]Otoo Yesuus hoboloo yaab-
bachaa jiruu namichi jinniin qa-
bamee ture sun isa waliin dee-
muuf isa kadhate. [19]Yesuus garuu,
"gara maatii keetii mana keetti
galiitii waan guddaa gooftaan sii
godhe cufaafi akkamitti akka inni
si maares isaanitti odeessi!" jed-
heen malee hin eeyyamneef.
[20]Namichi sunis dhaqee waan
Yesuus isaaf godhe cufa biyya
"magaalaa kudhan" jedhamutti
odeessuu jalqabe; namoonni
hundinuus ni dinqifatan[n].

### Intala Duutee Fi Dubartii Dhukkubsatte Tokko

*5:22-43 kwf ⇒ Mat 9:18-26; Luq 8:41-56*

[21]Yommuu Yesuus bidiruudhaan
deebi'ee gara gama galaanaatti
ce'etti namoonni hedduuni isa
biratti walitti qabaman; innis
qarqara galaanaa ture. [22]Bulchi-
toota mana sagadaa keessaas
namichi Yaa'iroos jedhamu tokko
achi dhufe; innis Yesuusin argee,
miila isaa irratti kufee[o], [23]"hintalli
tiyya diqqooni du'uu geetteerti;
akka ishiin fayyitee jiraatuuf,
maaloo koottuutii harka kee ishii
irra naa ka'i" jedhee jabeessee
isa kadhate. [24]Yesuusis isa waj-
jiin deeme.

Namoonni baay'eenis isa hor-
dofan; gara isaattis wal-dhiibaa
turan. [25]Dubartiin[p] dhangala'uu
dhiigaatiin waggaa kudhanii lama
dhiphachaa[q] turte tokkos achi
turte. [26]Isiinis ogeeyyii fayyaa[r]
baay'ee biratti akka malee dhi-
phatte; waan qabdu hundumaas
of-harkaa fixxe; dhiphinni isii
garuu ittuma cimaa deeme malee
itti hin wayyoofne. [27]Ishiinis yom-
muu waayee Yesuusi dhageessetti
dudda isaa duubaan namoota
jidduudhaan gara isaa dhuftee
uffata isaa tuxxe. [28]Sababiin
isaas, "Ani yoo uffatuma isaallee
tuqe nan fayya" jettee yaaddee
turteetii. [29]Dhiigni ishiis Yeruma
sana cite; ishiinis akka dhukkuba
ishii irraa fayyite nafa ishii kees-
satti hubatte.

[30]Yesuusis yoosuma akka
humni isa keessaa ba'e hubate;
innis namoota keessa gara gale;
"eennuttu uffata kiyya tuqe?"
jedhee gaafate.

[31]Barattoonni isaas deebisanii,
"akka namoonni si dhiibaa jiran,
otuma argituu, 'eennuttu na
tuqe?' jettee gaafattaa?" jedhan.

[32]Yesuus garuu namni waan kana
godhe eenyuu akka ta'e arguuf
jedhee naannoo isaa ilaale. [33]Du-
bartittiinis waan isiif godhame
hubattee sodaadhaan hollachaa

[n]20 ykn *in maadeffatan /niajaa'ibsiifatan;* [o]22 ykn *jige;* [p]25 ykn *niitiini;* [q]25 ykn *cinqamaa/dhibamaa;* [r]26 ykn *cirreeyyii*

dhuftee miila isaa irratti lafa dhoofte; waan hundumaas isatti himte. 34Innis,"intaloo, amantiin[s] kee si fayyiseera; nagayaan deemi; dhukkuba kee irraas fayyi" jedheen.

35Otoo Yesuus dubbachaa jiruus namoonni tokko tokko mana namicha bulchaa mana sagadaa mana Ya'iroosiitii dhufanii, "intalli tee duuteerti; ati ammaan achi maaliif barsiisicha rakkifta?" jedhaniin.

36Yesuus garuu waan isaan jedhan jalaa qabuu didee bulchaa mana sagadaa sanaan, "amani malee hin sodaatin!" jedhe.

37Innis Pheexiroos, Yaaqoobii fi Yohaannis obboleessa Yaaqoobi malee akka namni tokkoyyuu isa faana deemu hin eeyyamne. 38Yommuu Mana bulchaa sanaa bira gahanittis Yesuus uumata wacu, namoota boo'anii fi wawwaatan[t] arge. 39Innis ol seenee, "wacnii fi boo'ichi kun cufti maali? Mucattiini ni rafte malee hin duunee" jedheen. 40Isaan garuu tuffiidhaan isatti kolfan.

Yesuusis eegii hunduma isaanii gadi baasee booddee[u], abbaa fi haadha mucattii, warra isa waliin turanis fudhatee bakka mucattiin jirtu seene. 41Innis harka intalattii qabee, "Xaaliitaa quumii!" jedheen. Kunis, "intala xiqqoonana, ani siin nan jedha, ka'i!" jechuu dha. 42Intalattiinis yommuu sana kaatee dhaabatte; asii fi achis dedeemte; Umriin[v] isii waggaa kudhanii lama ture. Isaanis akka malee ajaa'ibsiifatan. 43Yesuusis akka namni tokkolleen waan kana hin beenneef jabeessee isaan ajaje; akka waan nyaatamus isiif kennan isaanitti hime.

### Raaga Ulfinna Hin Qabne

*6:1-6 Kwf ⇒ Mat 13:54-58*

6 Yesuus achii ba'ee gara biyya isaa dhaqe; barattoonni isaas isa wajjiin dhaqan. 2Innis Guyyaa Sanbataa mana sagadaatti barsiisuu jalqabe; warri isa dhagayan baay'eenis ni maadeffatan[w].

Isaanis akkana jedhanii gaafatan; "namichi kun waan kana mara eessaa argate? Ogummaan[x] isaaf kenname kun maalii? Hujjiiwwan baasaa akkam akkamiittu harka isaatiin hojjatamaa? 3Inni Ogeessa[y] mukaatii mitii? inni Ilma Maariyaami, obboleessa Yaaqoobi, obboleessa Yooseefi, obboleessa Yihuudaatii fi obboleessa Simooniitii mitii? Obboleettonni isaas asi nu bira jiruu mitii?" Isaanis isatti gufatan.

4Yesuusis, "raagni[z] biyya isaatti, lammii isaa keessattii fi mana isaatti malee ulfinna hin dhabu" jedheen. 5Innis dhukkubsattoota

[s]34 ykn *dhugeeffachaani tee;* [t]38 ykn *aadan;* [u]40 ykn *duubatti;* [v]42 ykn *gannii;* [w]2 ykn *dinqifatan/ ajaai'bsiifatan;* [x]2 ykn *qaroomni;* [y]3 ykn *anaaxii;* [z]4 ykn *raajaani*

muraasa[a] irra harka isaa kaa'ee fayyisuu malee hujii dinqii tokkollee achitti hojjachuu hin dandeenye; [6]Amantii[b] dhabuu isaaniitiifis baay'ee dinqifate.

### Yesuus Warra Kudhanii Lamaan Erguu Isaa

*6:7-11 Kwf ⇒ Mat 10:1, 9-14; Luq 9:1, 3-5*

Yesuus namoota barsiisaa ganda tokko irraa gara ganda dhibiitti[c] dabraa ture. [7]Warra kudhanii lamaanis ofitti waamee lama lamaan isaan erguu jalqabe; hafuurota xuraawoo irrattis aangoo[d] isaaniif kenne.

[8]Akkana jedhees isaan ajaje; "Imala keessaniif ulee malee waa tokkollee harkatti hinqabatinaa; buddeena, korojoos[e] hinbaatinaa; sabbata[f] keessanitti immoo horii hin guduunfatinaa. [9]Kophee keewwadhaa[g]; garuu kittaa[h] lamaa hin uffatinaa. [10]Yeroo mana tokko seentan hunda, hanga magaalaa[i] sanaa baatanitti achuma turaa. [11]Yoo bakkii[j] cuftinuu isin hin simanne yookaan isin hindhageenye akka ragaa[k] isaanitti ta'uuf yommuu achii baatanitti awwaara miila keessanii dhadhaa'adhaa."

[12]Isaanis achii ba'anii akka namoonni cubbuu irraa deebi'aniif lallaban; [13]Jinniiwwan baay'ee baasan; dhukkubsattoota baay'ees zayitii dibanii fayyisan.

### Ajjeefamuu Yohaannis Cuuphaa

*6:14 - 29 Kwf ⇒ Mat 14:1-12*
*6:14-16 Kwf ⇒ Luq 9:7-9*

[14]Heroodis Mootichi waayee kanaa dhagaye; maqaan Yesuus beekamee tureetii. Namoonni tokko tokko, "Yohaannis cuuphaan warra du'an keessaa kaafameera; sababiin dinqiin kun isaan hojjatamuufis kanumaa" jedhan.

[15]Warri kaan, "inni Eliyaas" jedhan.

kaan immoo, "inni raajota durii keessaa akka isa tokkoo ti" jedhan.

[16]Heroodis garuu yommuu waan kana dhaga'etti, "Yohaannis isa ani mataa isaa irraa mursiisettu warra du'an keessa kaafame!" jedhe.

[17]Heroodis mataan isaa sababii niitii obboleessa isaa Filiphoosi, sababii Heroodiyaadaatiif jedhee akka Yohaannis qabamuuf, hidhamees mana hidhaatti akka galfamuuf ajajee ture; Heroodis isii fuudhee tureetii. [18]Yohaannisis Heroodisiin, "ati niitii obboleessa keetii fuudhuun kee seeraa miti." jedhaanii tureetii. [19]Kanaaf Heroodiyaadaan Yohaannisitti haaloo qabattee isa ajjeesuu barbaaddi

[a]5 ykn *worra fayyaa hin qamne takkee tokko;* [b]6 ykn *dhugeeffachaa;* [c]6 ykn *biraatti;* [d]7 ykn *guddinna;* [e]8 ykn *gorjoo;* [f]8 ykn *gurdaa;* [g]9 ykn *godhadhaa;* [h]9 ykn *ubbaara;* [i]10 ykn *dira;* [j]11 ykn *fulaani;* [k]11 ykn *dhugaa- ba'iisa/ dhugeessaa*

turte; garuu hin dandeenne.
[20]Kunis waan Heroodis akka Yohaannis nama qajeelaa fi nama qulqulluu ta'e beekee, isa sodaachaa fi eegumsa isaaf gochaa[l] tureef; innis yommuu waan Yohaannis dubbatu dhagayetti akka malee rifate; ta'us gammachuudhaan isa dhagayaa ture.

[21]Dhuma irrattis haalli mijaawaani ni argame. Heroodis guyyaa dhaloota isaa ayyaaneffachuuf jedhee qondaaltota gugurdootaaf, ajajjoota loltootaatii fi namoota Galiilaa keessatti beekamaniif nyaachisa qopheesse.
[22]Intalli Heroodiyaadaas yommuu ol seentee sirbitetti Heroodisii fi keessummoota isaa gammachiifte.

Mootichis intalattiidhaan, "waan barbaaddu hundumaa na kadhadhu; anis siif nan kenna!" jedheen.
[23]Innis, " wadhakkaa mootummaa kiyyaallee taanaan waan ati na kadhattu mara siif nan kenna!" jedhee kakateef.

[24]Ishiinis gadi baatee haadha ishiitiin, "maal kadhadhu?" jettee gaafatte.

Haati ishiis, "mataa Yohaannis cuuphaa" jettee deebifteef.

[25]Intalattiinis yeruma sana ariitiin gara mootichaatti ol seentee, "Akka ati ammuma mataa Yohaannis cuuphaa gabateetti[m] naa kennitu nan barbaada" jetteen.

[26]Mootichis akka malee gadde[n]; garuu sababii kakuu isaatii fi keessummoota isaatiif jedhee ishii diduu hin barbaanne.
[27]Innis yoosuma warra isa eegan keessaa loltuu tokko ergee, akka inni mataa Yohaannis fiduuf ajaje; loltuun sunis dhaqee mana hidhaa keessatti mataa Yohaannisi mormatti irraa kute;
[28]mataa sanas gabateetti fidee intalattiif kenne; intalattiinis haadha isiiti kennite.
[29]Barattoonni Yohaannisiis waan kana dhagayanii dhufan; reeffa isaas fuudhanii awwaala keessa kaa'an.

### Yesuus Namoota Kuma Shaniif Nyaata Kennuu Isaa

*6:32-44 Kwf ⇒ Mat 14:13-21; Luq 9:10-17; Yoh 6:5-13*
*6:32-44 Wbq ⇒ Mar 8:2-9*

[30]Ergamtoonnis Yesuus biratti walitti qabamanii waan hojjachaa turanii fi waan barsiisaa turan cufa isatti himan.
[31]Innis, "kophaa keessan gara bakka namni hinjirre tokkoo koottaatii takka boqodhaa" jedheen; isaanis sababii namoonni baayyeen dhufaa, deemaas turaniif yeroo itti waa nyaatanillee hin qaban tureetii.

[32]Isaanis kophaa isaanii bidiruudhaan[o] bakka namni hinjirre tokko dhaqan.
[33]Namoonni baay'eenis deemuu isaanii arganii isaan

[l]20 ykn *isa qorqorachaa;* [m]25 ykn *qoriini;* [n]26 ykn *laaleffate;* [o]32 ykn *hoboloon*

hubatan; magaalota mara keessaa ba'aniis miilaan fiiganii isaan dura bakka sana ga'an. 34Yesuusis yommuu bidiruu irraa bu'ee tuuta nama baay'ee argetti garaa isaanii laafe; kunis isaan akka hoolota[p] tissituu hin qabne waan turaniif. Innis waan baay'ee isaan barsiisuu jalqabe.

35Lafti galgalaa'aa deemnaan barattoonni isaa gara isaa dhufanii akkana jedhaniin; "Lafti kun ona; aduunis dhiyuu geetteerti. 36Akka isaan gara baadiyaatii fi gandoota naannoo kanaa dhaqanii waan nyaatan bitataniif namoota kanneen gadi dhiisi."

37Inni garuu deebisee, "isinuu waan isaan nyaatan kennaafii" jedheen.

Isaanis, "dhaqnee buddeena diinaarii dhibba lama baasu binnee akka nyaataniif isaanii kenninuu ree ?" jedhaniin.

38Innis, "Buddeena meeqa[q] qabdu? mee dhaqaa ilaalaa!" jedheen.

Isaanis eega ilaalanii booddee[r], "buddeena shanii fi qurxummii lama" jedhaniin.

39Yesuusis akka isaan namoota hundumaa tuuta tuutaan marga lalisaa[s] irra teteessisan isaan ajaje. 40Namoonni sunis dhibba dhibbaa fi shantama shantamaan tuuta tuutaan tataa'an. 41Innis buddeena shananii fi qurxummii lamaan sana fuudhee, gara samii ol ilaalee, galata galchee, buddeena sana caccabse; akka isaan namootaaf dhiyeessaniifis barattoota isaatti kenne; qurxummii lamaanis hunduma isaaniitiif qoode. 42Isaan martinuus nyaatanii quufan. 43Barattoonnis caccabaa buddeenaatii fi qurxummii gundoo kudhanii lama guutuu walitti qaban. 44Warri buddeena sana nyaatanis dhiira kuma shani turan.

### Yesuus Bishaan Irra Deemuu Isaa

6:45-51 Kwf ⇒ *Mat 14:22-32; Yoh 6:15-21*
*6:53-56 Kwf ⇒ Mat 14:34-36*

45Yesuusis hanga tuuta sana uf irraa geegessutti akka barattoonni isaa hoboloo yaabbatanii isa dura gara Beetsayidaatti ce'aniif[t] yeruma sana isaan dirqisiise[u]. 46 Eegii uf irraa isaani geegessee booddees kadhachuuf gaaratti ol ba'e.

47Yommuu lafti galgalaa'ettis hoboloon sun galaana wadhakkaa turte; Yesuus immoo kophaa isaa lafa irra ture. 48Innis otoo barattoonni sababii bubbeen fuula isaanii duraan itti dhufeef bishaan mooquudhaan[v] dhiphatanuu arge; halkan keessaas gara sa'aatii afraffaatti galaana irra deemaa isaanitti dhufe; isaan bira dabruus barbaadee ture. 49Isaan

[p]34 ykn *ooliyyee;* [q]38 ykn *hagami;* [r]38 ykn *duubatti;* [s]39 ykn *buuyyoo dotii/ marga jiidhaa;* [t]45 ykn *taakkaniif;* [u]45 ykn *giddisiise / giddeesse,* [v]48 ykn *dhawachuun /laaquun*

garuu yommuu isaa bishaan irra
deemu arganitti ekeraa isa se'anii
iyyan. [50]Sababiin isaas isaan cufti
isa arganii akka malee sodaatanii
turaniitii.

Innis yeruma sana "jabaadhaa;
anaatii hin sodaatinaa!" jedhee
isaanitti dubbate. [51]Innis gara
isaanii bidiruutti ol ba'e; bubbeen
sunis gab[w] jedhe; isaanis akka
malee maadeffatan; [52]Isaan waayee
buddeennan sanaa hin huban-
neetii; mata - jabeeyyiis turan.

[53]Yommuu gama ce'anittis
Geensaareex ga'anii buufatan;
bidiruu sanas achitti hidhan.
[54]Akkuma isaan bidiruu irraa
bu'aniinis namoonni yoosuma
Yesuusin hubatan. [55]Namoonni
sunis kutaa biyya sanaa guutuu
keessa asii fi achi fiiganii bakka
Yesuus achi jira jechuu dha-
gayan hundumaatti dhukkubsat-
toota sireen baatanii fiduu jalqa-
ban.[56]Gandoota, magaalota yoo-
kaan baadiyaa inni dhaqe maratti
warra dhukkubsatan fidanii lafa
gabayaa kaa'an; isaanis akka
dhukkubsattoonni sun xiyyoo uffata
isaallee tuqaniif isa kadhatan;
warri isa tuqan martinuus ni fay-
yan.

### Waan Qulqulluu Fi Waan Xuraawaa

*7:1-23 Kwf ⇒ Mat 15:1-20*

7 Fariisonnii fi barsiistota
keessaa warri Yerusaalemii
dhufan tokko tokko Yesuus bi-
ratti walitti qabamanii, [2]Barat-
toota isaa keessaa tokko tokko
harka "xuriitiin" jechuunis otoo
harka hin dhiqatin buddeena
nyaachuu isaanii argan. [3]Sa-
babiin isaas Fariisonni, Yihuu-
donni martinuus bartee[x] maan-
guddootaa eeguuf jedhanii otoo
harka hin dhiqatin hin nyaataniitii.
[4]Yommuu gabayaadhaa galanit-
tis otoo uf hin qulqulleessin hin
nyaatan; bartee dhibii[y] baay'ees
kan akka xuwwa[z] dhiquu, okko-
tee fi jabanaa dhiquu ni eegu.

[5]Kanaaf Fariisonnii fi barsiis-
tonni seeraa, "Barattoonni kee
qooda harka 'xuriitiin' nyaatan
maaliif akkuma bartee maangud-
dootaatti hin jiraatanii?" jedhani
Yesuusin gaafatan.

[6]Innis akkana jedhee deebiseef;
"yaa fakkeessitoota! Isaayyaas
waayee keessan sirriitti raa-
jeera[a]; Innis akkana jedhamee
barreeffameera;

" 'Sabni kun afaan isaatiin na
ulfeessa;
garaan isaa garuu narraa
fagoo dha;
[7]Akkanumaan na waaqeffata;
Seera namaas akka seera
Waaqayyootti barsiisa.'

[8]Isin ajaja Waaqayyoo dhiiftanii,
bartee namootaa jabeessitanii
eegdu."

[w]51 ykn *caqali;* [x]3 ykn *aadaa /dudhaa;*
[y]4 ykn *biraa;* [z]4 ykn *buduunuu/waaccaa;*
[a]6 ykn *akkuma dhugaa fage /raageera*

9 Innis ittuma fufee akkana jed-
heen; "Isin bartee mataa keessanii
eeguuf jettanii ajaja Waaqayyoo
tuffachuuf mala dansaa qabdu.
10 Muuseen, 'abbaa keetii fi haadha
teetiif ulfinna kenni; namni abbaa
isaa yookiin haadha isaa arrabsu
kamiyyuu haa ajjeefamuu' jed-
heeraatii. 11 Isin garuu yoo namni
tokko abbaa isaatiin yookiin
haadha isaantiin, 'gargaarsi ati
silaa narraa argachuu maltu hundi
qurbaana' jechuunis kennaa waaqa
qofaaf kennamu jedhe, inni sir-
riidha jettu. 12 Akka inni abbaa
isaatiif yookaan haadha isaatiif
waan tokkollee godhu hin eey-
yamtaniif. 13 Akkanaanis bartee
keessan isa dhalootaatti dabarsi-
tan sanaan dubbii Waaqayyoo
busheessitu; waan akkanaa
baay'ees ni gootu."

14 Yesuus ammas namoota sana
ofitti waamee akkana jedhe; "Isin
cufti na dhagayaa; hubadhaas.
15 Waan nama keessaa bawuttu
nama xureessa malee wanni alaa
namatti seenee nama xureessuu
danda'u tokkolleen hin jiru. 16 Namni
kamiyyuu yoo gurra dhagawu
qabaate haa dhagawu"

17 Erga inni namoota biraa mana
ol seenee booddees[b] barattoonni
isaa waayee fakkeenya sanaa isa
gaafatan. 18 Innis akkana isaaniin
jedhe; "Isiniifis hin galuu? Akka
wanni alaa namatti seenu tok-
koyyuu nama xureessuu hin dan-
deenne hin beettanii? 19 Erga garaa
isaa seenee booddee nafa isaa
keessaa gadi ba'a malee yaada
garaa namaa hin seenuutii." Ye-
suusis kana jechuudhaan akka
nyaanni hundinuu qulqulluu ta'e
ibse.

20 Innis itti fufee akkana jedhe;
"Waan nama keessaa bawuttu
nama xureessa. 21 Wanni keessa
namaatii fi yaada garaa namaa
keessaa bawu yaada hamaa, ha-
lalummaa[c], hanna, nama ajjee-
suu, ejja[d], 22 Sassatummaa[e], ham-
meenna, gowwoomsaa, saalqun-
namtii gadi-dhiisii[f], hinaaffaa,
maqaa namaa balleessuu, uf-
tuulummaa fi raata'uu fa'a. 23 Wanni
hamaan kun martinuu nama
keessaa ba'a; namas ni xureessa."

## Amantii Dubartii Tokkoo

*7:24-30 Kwf ⇒ Mat 15:21-28*

24 Yesuusis achi ka'ee gara bi-
yya xiiroosiitii fi Siidoonaa dhaqe;
mana tokkos ol seene; Innis akka
namni tokkoyyuu achi jiraachuu
isaa beeku hin barbaanne; garuu
dhokachuu hin dandeenye. 25 Du-
bartiin[g] intalli ishii diqqittiin ha-
fuura xuraawaan qabamte tokko

[b]17 ykn *duubatti;* [c]21 ykn *algalummaa;* [d]21 ykn *hawadii;* [e]22 ykn *sabdummaa;* [f]22 ykn *ceera -dhaba;* [g]25 ykn *niitiini*

**7:21** *Garaa* - Akka hubannaa Yihuudotaatti, garaan eenyummaa nama tokkoo guu-tummaatti agarsiisa.

akkuma waayee isaa dhageesseen
dhuftee miila isaa irratti lafa
dhoofte. 26Dubartittiinis nama
Girikii, kan biyya Sooriyaa kees-
satti Fiinqeetti dhalatee dha.
Isiinis akka inni intala isii kees-
saa jinnii sana baasuuf Yesuusin
kadhatte.
27Innis, "dura ijoolleen nyaatanii
haa quufani; buddeena ijoollee
fuudhanii saroota dura buusuun
sirrii mitii" jedheen.
28Ishiini garuu, "eeyee, yaa gooftaa,
saroonniyyuu maaddii[h] jalaa ham-
baa ijoolleen harcaaftu nyaatu!"
jette deebifteef.
29Yesuusis, "jecha kee kanaaf
gammachudhaan mana keetti gali;
jinniin sun intala tee keessaa
baheera" jedheen.
30Ishiinis yommuu manatti gal-
tetti intalli ishii siree irraa ciiftee,
jinniin sunis keessaa ba'ee argite.

### Namichi Duudaan Tokko Fayyuu Isaa

*7:31-37 Kwf ⇒ Mat 15:29-31*

31Eegasiis Yesuus biyya Xii-
roosiitii ka'ee Siidoonaa keessa
dabree, biyya "magaalaa[i] kudhan"
jedhamu keessa ba'ee gara galaana
Galiilaa dhufe. 32Jarri tokkos
namicha duudaa, arrabni isaas
dubbachuu dide tokko isatti fi-
danii akka inni harka isa irra
kaa'uuf kadhatan.
33Yesuusis namicha sana tuuta
keessaa kophaatti baasee quba
isaa gurra namichaa keessa kaa'e;
tufees hancufaan arraba namichaa
tuqe. 34Gara samiis ol ilaalee, ha-
fuura guddaa baafatee, "Efaataa!"
jedheen; kana jechuunis "banami!"
jechuu dha. 35Gurri namichaas
yoosuma baname; arrabni isaas
hiikamee rakkinna tokko malee
dubbachuu jalqabe.
36Yesuusis akka isaan nama
tokkottillee hin himneef namoota
sana ajaje; inni hagamiyyuu cim-
see isaan ajajullee, isaan ittuma
caalchisanii odeessan. 37Warri
oduu sana dhagayanis akka
malee dinqifatanii, "inni waan
mara gaarii godheera; warri duu-
daanilleen akka dhagayan, warri
arrabni isaanii hidhames akka
dubbatan ni godha" jedhan.

### Yesuus Nama Kuma Afuuriif Nyaata Kennuu Isaa

*8:1-9 Kwf ⇒ Mat 15:32-39,*
*8:1-9 Wbq ⇒ Mar 6:32-44*
*8:11-21 Kwf ⇒ Mat 16:1-12*

8 Jidduu sana tuunni biraa[j]
guddaani isaa ammas walitti
qabame; Yesuusis sababii tuunni
sun waan nyaatu hin qabaatiniif
barattoota isaa ofitti waamee
akkana jedheen; 2"Namoonni kun-
niin waan guyyaa sadii na bira
turaniif, waan nyaatanis tokkol-
lee waan hin qabneef ani garaa
nan laafaaf. 3Isaan keessaa tokko
tokko karaa fagoo deemanii waan

[h]28 ykn *golola;* [i]31 ykn *dira;* [j]1 ykn *dhibiini*

dhufaniif yoo ani akkuma beela'anitti gadi isaani dhiise karaa irratti kukkufu[k]."

[4]Barattoonni isaas deebisanii, "Namni kamiyyuu lafa onaa[l] kana keessaa buddeena nama kana hundumaa gawu eessaa argachuu danda'a?" jedhan.

[5]Yesuusis, "Buddeena hagam[m] qabdu?" jedhee gaafate.

Isaanis deebisanii, "torba" jedhan.

[6]Innis akka lafa tataa'aniif namoota sana ajaje. Buddeena torban sanas fuudhee galata galche; caccabsees akka isaan namootaaf dhiyeessaniif barattoota isaatti kenne; isaanis namootaaf dhiyeessan. [7]Akkanumas qurxummii xixiqqoo muraasa[n] qabu turan; qurxummii sanaafis galateeffatee akka isaan namootaaf hiraniif barattoota isaatti hime. [8]Namoonni sunis nyaatanii quufan; eegasiis barattoonni hambaa hurraa'aa[o] gundoo torba guutuu walitti qaban. [9]Isaanis gara nama kuma afurii turan; innis uf-irraa isaan geegesse. [10]Barattoota isaa wajjinis bidiruu[p] yaabbatee biyya Daalmaanuutaa dhaqe.

[11]Fariisonnis dhufanii Yesuusitti falmuu[q] jalqaban; isa qoruuf jedhaniis milikkita[r] samii irraa isa irraa barbaadan. [12]Innis hafuura guddaa baafatee, "dhaloonni kun maaliif milikkita barbaada? Ani dhuguma isinitti hima; milikkinni tokkoyyuu dhaloota kanaaf hin kennamu" jedheen. [13]Isaan dhiisees deebi'ee bidiruu yaabbatee gama ce'e[s].

**Raacitii Fariisotaa**

[14]Barattoonnis buddeena tokkicha hoboloo keessaa of biraa qaban sana malee buddeena dhibii fudhachuu irraanfatanii[t] turan. [15]Yesuusis, "beekkadhaa! raacitii[u] Fariisotaatii fi raacitii Heroodis irraa of-eegadhaa!" jedhee isaan seere.

[16]Isaanis, "sababii nu buddeena hin qabneef akkana jedha" waliin jedhan.

[17]Yesuusis kana beekee akkana isaaniin jedhe; "isin maaliif waayee buddeena of biraa dhabuu keessanii dudubbattu? Ammayyuu isinii hin galuu? yookiin hin hubattanii? Mata-jabeeyyii tatan moo? [18]Isin otuma ija[v] qabdanuu hin argitanii? Otuma gurra qabdanuus hin dhageessanii? Hin hinqaabattanii[w]? [19]Yeroo ani buddeena shanan sana nama kuma shaniif caccabsetti hurraa'aa[x] isaa gundoo meeqa guutuu walitti qabdan?"

Isaanis, "kudhanii lama" jedhanii deebisaniif.

[k]3 ykn *jijjigan;* [l]4 ykn *aloo /adiyyoo;* [m]5 ykn *meeqa;* [n]7 ykn *takkee tokko,* [n]8 ykn *caccabaa;* [p]10 ykn *hoboloo;* [q]11 ykn *Yesuusiin walmormuu;* [r]11 ykn *malkata/milikkeeta;* [s]13 ykn *taakke;* [t]14 ykn *dedhanii;* [u]15 ykn *hambaa bukoo;* [v]18 ykn *ila;* [w]18 ykn *hin yaadattanii,* [x]19 ykn *hambaa*

20Innis, "yeroo ani buddeena torba nama kuma afuuriif caccabsetti hurraa'aa isaa gundoo meeqa guutuu walitti qabdan? " jedhee gaafate.

Isaanis deebisanii, "torba" jedhaniin.

21Innis, "isin ammayyuu hin hubattanii ree?" isaaniin jedhe.

**Yesuus Beetsaayidaatti Namicha Jaamaa Tokko Fayyisuu Isaa**

22Isaanis Beetsaayidaa dhaqan; jarri tokkos namicha jaamaa tokko fidanii akka inni isa tuquuf Yesuusin kadhatan. 23Innis namicha jaamaa sana harka qabee ganda sana keessaa baase; ija isaattis tufee, harka isaas irra kaayee, "waa arguu dandeettaa?" jedhee gaafate.

24Namichis ol ilaalee, "namoota nan arga; garuu muka deemu natti fakkaatu" jedhe.

25Yesuus ammas harka isaa ija namichaa irra kaa'e; iji namichaas ni baname; agartuun isaa ni deebi'eef; waan cufas sirriitti arge. 26Yesuusis namichaan, "gara ganda sana seentee waan kana nama tokkottillee hin himin" jedhee gara mana isaatti isa erge.

**Pheexiroos Waayee Yesuusi Dhugaa Ba'uu Isaa**

*8:27-29 Kwf ⇒ Mat 16:13-16; Luq 9:18-20*

27Yesuusis barattoota isaa waliin gara gandoota naannoo Qisaariyaa Filiphoosi jiraniitti dabre; innis, "namoonni eennu naan jedhu?" Jedhee karaa irratti barattoota isaa gaafate.

28Isaanis, "namoonni tokko tokko, 'Inni Yohaannis cuuphaa dha' siin jedhu; warri kaan[y] 'inni Eliyaas' siin jedhu; kaan immoo, 'Inni raagota[z] keessaa isa tokko' siin jedhu" jedhanii deebisaniif.

29Innis, "Isin hoo, eennu naan jettu?" jedhee gaafate.

Pheexiroosis deebisee, "ati Kiristoos" jedheen.

30Yesuusis akka isaan waayee isaa nama tokkottillee hin himneef isaan akeekkachiise[a].

**Yesuus Duraan dursee Waayee Du'a Isaa Dubbate**

*8:31-9:1 Kwf ⇒ Mat 16:21-28; Luq 9:22-27*

31Yesuusis akka Ilmi namaa akka malee dhiphachuu qabu, akka maanguddootaan, luboota hangafootaa[b] fi barsiisistota seeraatiin tuffatamuu qabuu fi akka ajjeefamuu qabu, guyyaa sadiin duubatti ammoo akka du'aa ka'u barattoota isaa barsiisuu jalqabe. 32Innis waayee kanaa ifatti baasee dubbate; Pheexiroosis kophaatti isa waamee mormuunii jalqabe.

33Yesuus garuu garagalee barattoota isaa ilaale; Pheexiroosiinis, "Sheexananana[c], fuula kiyyaa duraa deemi! ati kan namaa yaadda

[y]28 ykn *kuuwwan;* [z]28 ykn *raajota;* [a]30 ykn *seere;* [b]31 ykn *qaalloolee gugurdoofi ;* [c]33 ykn *sheexanticha*

malee kan Waaqayyoo hin yaadd-
uutii" jedhee itti dheekkame.
34 Innis namoota sanaa fi barat-
toota isaa ofitti waamee akkana
jedheen; "Namni na hordofuu
barbaadu kamiyyuu of-haa ganu[d];
fannoo isaas baadhatee na faana
haa bu'u; 35 Namni lubbuu isaa
oolfachuu barbaadu kamiyyuu
lubbuu isaa ni dhabaatii; namni
naaf jedhee, wangeelaafis jedhee
lubbuu isaa dhabu kamiyyuu garuu
lubbuu isaa ni oolfata. 36 Namni
tokko yoo addunyaa guutuu qa-
baatee lubbuu isaa garuu dhabe
bu'aa maalii argata? 37 Yookaan
namni tokko qooda lubbuu isaa
maal kennuu dand'a? 38 Namni
kamiyyuu yoo dhaloota ejjaa[e] fi
cubbamaa kana keessatti naa fi
dubbii kiyyatti qaana'e, ilmi na-
maas yommuu ulfinna Abbaa
isaatiin maleekkota qulqulluu
wajjiin dhufutti isatti ni qaana'a."

9 Innis itti fufee, "Ani dhugu-
man isinitti hima; warra asi
dhadhaabatan keessaa tokko tokko
hanga mootummaan Waaqay-
yoo humnaan dhufee arganitti
du'a hindhandhaman" jedheen.

**Bifti Yesuusi Jijjiiramuu Isaa**

*9:2-8 Kwf ⇒ Luq 9:28-36*
*9:2-13 Kwf ⇒ Mat 17:1-13*

2 Yesuusis Guyyaa Ja'a bood-
dee[f] Pheexiroosin, Yaaqoobii fi
Yohaannisin uf faana fudhatee
tulluu dheeraa tokkotti bakka[g]
isaan marti kophaa turuu dan-
da'anitti ol isaan baase; fuula
isaanii durattis bifti isaa ni
jijjiirame. 3 Uffanni isaas hanga
miiccuun addunyaa kanaa kami-
yyuu miicccee addeessuu dan-
deettu caalaa adii qaanqee ta'e.
4 Eliyaasii fi Muuseenis isaanitti
muldhatan; isaanis Yesuus waliin
haasa'aa turan.
5 Pheexiroosis Yesuusiin, "Yaa
barsiisaa, asi jiraachuun keenna
nuuf dansaa dha; daasii[h] sadii:
tokko siif, tokko Muuseedhaaf,
tokko immoo Eliyaasiif ni ijaarra"
jedhe. 6 Waan dubbatus hin beeku
ture; isaan akka malee sodaatanii
turaniitii.
7 Duumessi tokkos dhufee isaan
haguuge; sagaleeni[i], "kun Ilma
kiyya isa ani jaaladhuu dha; isa
dhagayaa!" jedhu tokkos du-
umessicha keessaa dhufe.
8 Isaanis yommuu akkuma ta-
saa naannoo isaanii ilaalanittiYe-
suusin malee nama tokkollee of
biratti hin argine.
9 Otoo tulluu sana irraa gadi

[d]34 ykn *haa mormatuu;* [e]38 ykn *hawa-dataafi;* [f]2 ykn *duubatti;* [g]2 ykn *fulaa;* [h]5 ykn *gosee;* [i]7 ykn *qoonqooni/ qoonqi*

**9:2** *Tulluu* - Akka hubannaa Yihuudotaatti, tulluun ol - dheeraan bakka mijaawaa itti Waaqni namatti uf mullisuu dha.

**9:7** *Duumessa* - Duumessi argamuu Waaqaa mullisa (Seera Ba'u 13:21 -22; 16:10; 19:9; 2Seen 5:13-14)

bu'uutti jiranuus Yesuus akka isaan hanga Ilmi namaa warra du'an keesaa ka'utti waan argan sana nama tokkottillee hin himne isaan ajaje. [10]Isaanis warra du'an keessaa ka'uun maal akka ta'e walgagaafachaa dubbicha garaatti qabatan.

[11]Isaanis, "barsiistonni seeraa maaliif, 'Eliyaas duraan dursee dhufuu qaba' jedhu?" jedhanii isa gaafatan.

[12]Yesuus akkana jedhee deebise; "dhugumaan Eliyaas duraan dursee ni dhufa; waan hundumas bakka isaatti deebisa; yoos maaliif Ilmi namaa akka malee dhiphachuu fi tuffatamuu qaba jedhamee barreeffame ree? [13]Ani garuu isinitti nan hima; Eliyaas dhufeera; Isaanis akkuma waayeen isaa barreeffame sanatti waan fedhan mara isa godhaniiru".

### Gurbaani Hafuura Xuraawaadhaan Qabame Tokko Fayyuu Isaa

9:14-28; 30-32 Kwf ⇒ *Mat 17:14-19, 22,23; Luq 9:37-45*

[14]Isaanis yommuu deebi'anii gara barattootaa dhufanitti namoonni hedduun isaanitti naanna'anii, barsiistonni seeraa immoo otoo isaanitti falmanuu[j] argan. [15]Namoonni martinuus akkuma Yesuus arganiin akka malee dinqifatanii[k] isa dubbisuudhaaf itti fiigan.

[16]Innis,"waayee maalii isaanitti falmitu ?" jedhee isaan gaafate.

[17]Jara keessaas namnichi tokko akkana jedhee deebiseef; "Yaa barsiisaa, ani ilma kiyya kan hafuura arraba hidhuun qabame sitti fideera. [18]Hafuurichis yommuu itti ka'u, darbatee lafaan isa dha'a; hoomacha afaaniin baasa; ilkaan qara; ni kokkottaa'as. Anis akka barattoonni kee hafuura sana baasaniif kadhadhee ture; isaan garuu baasuu hin dandeenye."

[19]Yesuusis deebisee, "yaa dhaloota hin amannenana[l]! Ani hanga yoomiitti isin bira tura? Hanga yoomiittis isinii obsa? Mee gurbicha natti fidaa!" jedhe.

[20]Isaanis gurbicha isatti fidan; hafuurichis akkuma Yesuusin argeen gurbicha dhidhiitachiise; gurbichis lafa dhayee; hoomacha afaaniin baasee gangalate.

[21]Yesuusis, "wanni kun eegii isa qabatee hagam ture?" jedhee abbaa gurbaa sanaa gaafate.

Innis akkana jedhee deebise; "ijoollummaadhaa jalqabee ti." [22]Isa ajjeesuuf jedhees yeroo baay'ee ibidda keessa yookaan bishaan keessa isa buuseera; ati garuu yoo waanuma tokkollee gochuu dandeette garaa nuu laafiitii nu gargaari."

[23]Yesuusis, " 'yoo dandeettee!' nama amanuuf wanni cufti ni danda'ama" jedheen.

[j]14 ykn *isaan wal-mormanuu;* [k]15 ykn *maadeffatanii/ajaa'ibsiifatanii;* [l]19 ykn *hin dhugeeffanne kana*

24Yommuu sana abbaani mucaa sanaa, "ani nan amana; amanuu dhabiisa kiyya keessatti na gargaari" jedhee iyye.

25Yesuusis yommuu namoota girrisanii dhufan argetti, "Yaa hafuura gurbaa kanaa dhagawuu fi dubbachuu dhowwitu nana; akka ati isa keessaa baatu, deebitees akka ati isatti hin galle sin ajaja" jedhee hafuura xuraawaa sana ajaje.

26Hafuurri sunis qoonqa guddaadhaan iyyee, akkamalees isa dhidhiitachiisee keessaa ba'e; gurbichis akkuma reeffaa ta'e; namoonni baay'eenis, "Inni du'eera" jedhan.
27Yesuus garuu harka qabee ol isa kaase; gurbaan sunis ka'ee dhaabate.

28Eega Yesuus manatti ol-galee booddee barattoonni isaa, "nu maaliif hafuuricha baasuu dadhabnee?" jedhanii kophaatti isa gaafatan.

29Innis deebisee, "inni akkanaa kun kadhannaa fi sooma qofaan ba'a malee waan biraatiin[m] hin ba'u" jedheen.

30Isaani achii ka'anii Galiilaa keessa dabran; Yesuusis akka namni tokkoyyuu lafa isaan jiran beeku hin barbaanne;
31Sababiin isaas, "Ilmi Namaa dabarfamee harka namootaatti ni kennama; namoonnis isa ni ajjeesu; ajjeefamees guyyaa sadii booddee du'aa ni ka'a" jedhee barattoota isaa barsiisaa tureetii.
32Isaan garuu waan inni dubbachaa ture hin hubanne; isa gaafachuus ni sodaatan.

### Namni nama Hundumaa Caalu Eenyu?

*9:33-37 Kwf ⇒ Mat 18:1-5; Luq 9:46-48*

33Isaanis Qifirnaahom dhaqan; innis erga manatti ol-galee booddee, "Isin karaatti maal walitti falmaa turtan?" jedhee isaan gaafate.
34Isaan garuu isaan keessaa eenyu akka nama hundumaa caalu karaatti waan walitti falmaa turaniif ni caldhisan.

35Yesuusis taa'ee warra kudhanii lamaan ofitti waamee, "namni nama jalqabaa ta'uu barbaadu kamiyyuu nama cufumaa gadiifii tajaajilaa[n] nama cufaa ta'uu qaba" jedheen.

36Innis daa'ima diqqaa tokko fidee isaan jidduu dhaabe; hammatees[o] akkana isaaniin jedhe;
37"Namni daa'ima akkanaa tokko maqaa kiyyaan simatu kamiyyuu na simata; namni na simatu immoo isa na erge sana simata malee na hin simatu."

### Namni Nuun Hin Mormine Kamiyyuu Garee keenna

*9:38-40 Kwf ⇒ Luq 9:49, 50*

38Yohaannisis Yesuusiin, "Yaa barsiisaa, otoo namni tokko maqaa

[m]29 ykn *dhibiin;* [n]35 ykn *hojjataa;* [o]36 ykn *amnatee*

keetiin jinnii baasuu arginee, waan inni garee[p] keenna hin ta'iniif isa dhowwine" jedhe.

**39**Yesuus garuu akkana jedhe; "Hin dhowwinaa; namni maqaa kiyyaan hujii ajaa'ibsiisaa hojjatee, ergasii immoo dafee waayee kiyya waan hamaa dubbachuu danda'u tokkoyyuu hin jiruutii. **40**Namni nuun hin mormine kamiyyuu inni garee keennaatii. **41**Ani dhuguma isinitti nan hima; Namni sababii isin kan Kiristoosi taataniif jedhee bisaan dhugaatiii kubbaayyaa[q] tokkollee isinii kennu kamiyyuu gatii isaa hin dhabu.

### Cubbuutti Namaa Oofuu

**42**"Nama warra xixiqqaa natti amanan kanneen keessaa tokkollee cubbuutti oofu kamiyyuu otoo dhagaan daakuu guddaan isaa morma isaatti hidhamee galaanatti gadi darbatamee isaa wayya. **43**Yoo harki kee cubbuutti si oofe uf irraa kuti; harka lama qabaattee Si'oolitti[r], bakka ibiddi isaa hin dhaamnetti darbatamuu irra harka dooluudhaan[s] jireenyatti galuu sii wayyaatii. **44**Si'oolis bakka itti raammoon isaanii hin duune; ibiddis hin dhaamnee dha. **45**Yoo milli kee cubbuutti si oofe uf irraa kuti; Miila lama qabaattee Si'oolitti darbatamuu irra miila tokkoon jireenyatti galuu sii wayyaatii. **46**Si'oolis bakka itti raammoon isaanii hin duune, ibiddis hin dhaamnee dha. **47**Yoo ijji kee[t] cubbuutti si oofe of keessaa baasi; ija lama qabaattee Si'oolitti darbatamuu irra ija tokkoon mootummaa Waaqaatti galuu sii wayyaatii.

**48**Si'oolis bakka,

"'raammoon isaanii hin duune,
ibiddis hin dhaamnee dha'.

**49**Namni hundinuu ibiddaan mi'eeffama[u].

**50**Soogiddi gaarii dha; garuu yoo inni soogiddummaa isaa dhabe, maaliin deebiftanii mi'eessitu? Isinis soogidda of keessaa qabaadhaa; walii keessaniifis nagaya qabaadhaa."

### Wal-hiikuu Dhiirsaa Fi Niitii

*10:1-12 Kwf ⇒ Mat 19:1-9*

**10** Yesuus achii ka'ee biyya Yihuudaatii fi Yordaanosi gama dhaqe; ammas sabni baay'een isa biratti walitti qabame; innis akkuma amala isaa isaan barsiise.

[p]38 ykn *golii;* [q]41 ykn *kokkoobbee/ koobbee/wullee;* [r]43 ykn *qileetti;* [s]43 ykn *toomaan;* [t]47 ykn *iltitee;* [u]49 ykn *qulqulleeffama*

**9:49** *Mi'eeffama* -Jechi kun mi'aa soogidda irraa argamu mullisa. Namoonni durii akka aarsaan tokko fuula Waaqaa duratti fudhatama argatuuf jechuunis aarsaa qulqulleessuuf soogiddatti fayyadamaa turan. (Lew 2:13; Hiz. 43:24)

[2]Fariisonni tokko tokkos dhufanii isa qoruuf jedhanii," Namni tokko niitii isaa hiikuun ni eeyyamamaafii?" jedhanii isa gaafatan.

[3]Innis deebisee, "Muuseen maal isin ajaje?" jedheen.

[4]Isaanis, "Namni tokko akka waraqaa ragaa[v] ittiin ishii hiiku barreesseefii niitii isaa hiiku Muuseen eeyyameera " jedhan.

[5]Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "Muuseen sababii mataajabeenna keessaniitiif seera kana isinii barreesse; [6]Jalqaba uumamaatii kaasee garuu Waaqayyo 'Dhiiraa fi dubartii isaan godhe.' [7]'Kanaafis namni abbaa isaatii fi haadha isaa ni dhiisa; niitii isaa waliinis tokko ta'a. [8]Lachan isaaniis foon tokko ni ta'u;' egaa isaan ammaan achi foon tokko malee lamaa miti. [9]Kanaaf waan Waaqayyo walitti hidhe namni gargari hin baasin."

[10]Otoo mana jiranuu barattoonni ammas waayee dubbii sanaa Yesuusin gaafatan. [11]Innis akkana jedhee deebiseef; "Namni niitii isaa hiikee dubartii dhibii[w] fuudhu kamiyyuu ishii irratti ejja raawwata[x]. [12]Ishiinis yoo dhiirsa ishii hiittee nama dhibiitti heerumte ni ejjiti."

### Yesuus Daa'imman Xixiqqoo Eebbisuu Isaa

*10:13-16 Kwf ⇒ Mat 19:13-15; Luq 18:15-17*

[13]Akka inni harka isaa isaan irra kaa'uuf namoonni daa'imman xixiqqoo Yesuusitti fidan; barattoonni garuu isaan dhowwan. [14]Yesuusis yommuu waan kana argetti, aaree akkana isaaniin jedhe; "daa'imman xixiqqoon gara kiyya haa dhufaniitii hin dhowwinaa; mootummaan Waaqayyoo kan warra akkanaatii. [15]Ani dhuguman isinitti hima; namni akkuma daa'ima diqqaa tokkootti mootummaa Waaqayyoo hin simanne kamiyyuu matumaa[y] itti hin galu." [16]Innis daa'imman sana fuudhee hammate[z]; harka isaas isaan irra kaa'ee isaan eebbisee.

### Dargaggeessa Dureessa Tokko

*10:17-31 Kwf ⇒ Mat 19:16-30; Luq 18:18-30*

[17]Akkuma Yesuus deemuuf karaa qabateen namichi tokko fiigaa dhufee fuula isaa duratti jilbiinfatee, "yaa barsiisaa dansaa ani jireenya barabaraa dhaaluuf maal gochuun qaba?" jedhee isa gaafate.

[18]Yesuusis akkana jedhee deebiseef; "ati maaliif dansaa naan jetta? Waaqa tokkicha malee dansaan hin jiru. [19]Ajajawwan ni beetta; isaanis, 'nama hin ajjeesin; hin ejjin; hin hatin; dharaan dhugaa hin ba'in[a]; hin gowwoomsin, abbaa keetii fi haadha teetiif ulfinna kenni' fa'a."

[v]4 ykn *mirkaneessaa;* [w]11 ykn *gara biraa;* [x]11 ykn *algalooma hojjata;* [y]15 ykn *akkanallee jedhee;* [z]16 ykn *hamphaarree amnate;* [a]19 ykn *ragaa hinta'in/ hindhugeessin*

20Namichis, "Yaa barsiisaa, ani ijoollummaa kiyyaa jalqabee waan kana mara eegeera" jedhe.

21Yesuus namicha ilaalee isa jaalatee, "waan tokkottu si duraa hirdhata; dhaqii waan qabdu cufa gurguriitii hiyyeeyyiif kenni; samii irratti badhaadummaa ni qabaattaa. Ergasiis koottuu; na hordofi" jedheen.

22Namichis yommuu waan kana dhaga'etti fuulli isaa ni jijjiirame; waan qabeenya guddaa qabuufis gaddee[b] achii deeme.

23Yesuusis naannoo isaa ilaalee barattoota isaatiin, "Mootummaa Waaqayyootti galuun warra dureeyyiif akkam rakkisaa dha!" jedhe.

24Barattoonnis dubbii isaa nidinqifatan[c]; Yesuus garuu ammas akkana jedhe; "ijoolle, mootummaa Waaqayyootti galuun akkam rakkisaa dha!?
25Dureessi mootummaa Waaqayyootti galuu irra gaalli qaawwa lilmoo[d] keessaan ba'uuttu salphata."

26Barattoonnis akka malee ajaa'ibsiifatanii, "yoos eenyuttu fayyuu danda'a ree?" waliin jedhan.

27Yesuusis isaan ilaalee, "kun Waaqayyoof danda'ama malee namaaf hin danda'amu; Waaqayyoof wanni hundinuu ni danda'amaatii" jedhe.

28Pheexiroosis, "kunoo, nu waan mara dhiifnee si faana buuneerra" jedheen.

29Yesuusis deebisee akkana jedheen; "ani dhuguma isinitti nan hima; namni anaa fi wangeelaaf jedhee mana yookiin obboleeyyan yookiin obboleettota yookiin haadha yookiin abbaa yookiin ijoollee yookiin oobruu[e] dhiise,
30kan bara ammaa kana keessa manneen, obboleeyyan, obboleettota, haadhota, ijoollee fi oobruu dachaa dhibba hin arganne, kan bara dhufuttis jireenya barabaraa hin dhaalle tokkoyyuu hin jiru.
31Garuu warri nama hundumaa dura turan baay'eeni warra nama hundumaa booddee[f] ni ta'u; warri nama hundumaa booddee turan immoo warra nama hundumaa duraa ni ta'u."

### Yesuus Yeroo Sadaffaa Waayee Du'uu isaa duraan dursee Dubbate

*10:32-34 Kwf ⇒ Mat 20:17-19; Luq 18:31-33*

32Isaanis Yerusaalemitti ol bawuuf jedhanii karaa irra turan; Yesuus immoo isaan dura deemaa ture; barattoonnis ni maadeffatan; warri duddaduubaan hordofaa turan immoo ni sodaatan. Yesuus ammas warra kudhanii lamaan kophaatti waamee waan isatti dhufuuf jiru isaanitti hime;
33Akkanas jedheen; "kunoo, nu amma

[b]22 ykn *laaleffatee;* [c]24 ykn *maadeffatan /ajaa'ibsiifatan;* [d]25 ykn *qaa'a limmee;* [e]29 ykn *maasii/maasaa;* [f]31 ykn *duuba*

Yerusaalemitti ol ba'aa jirra; Ilmi
namaas dabarfamee luboota han-
gafootaa[g] fi barsiistota seeraatti
ni kennama; isaanis du'a isatti
muru; dabarsaniis namoota
ormaatti isa kennu: 34 Isaanis
isatti qoosu; isatti tufu; isa ga-
rafu; isa ajjeesuus. Inni garuu
guyyaa sadiin duubatti du'aa ni
ka'a."

**Kadhannaa Yaaqoobiitii fi Yohaannisi**

*10:35-45 Kwf ⇒ Mat 20:20-28*

35 Ilmaan Zebdeewosi lamaan
jechuunis Yaaqoobii fi Yohaan-
nis gara Yesuus dhufanii, "Yaa
Barsiisaa, akka ati waan nu si
kadhannu cufa nuu gootu bar-
baanna" jedhaniin.
36 Innis, "Akka ani maal isinii
godhu barbaaddu?" jedhee isaani
gaafate.
37 Isaanis deebisanii, "Yeroo ulfinna
keetiitti: tokkoon keenna mirga
keetiin, tokkoon keenna immoo
bitaa keetiin, akka teennuuf nuu
eeyyami" jedhan.
38 Yesuusis, "isin waan kadhat-
tan hin beettan; xuwwaa[h] ani
dhugu, dhuguu yookaan cuuphaa
ani cuuphamu, cuuphamuu ni
dandeettuu?" jedheen.
39 Isaanis, "eeyee, ni dandee-
nya" jedhanii deebisan.
Yesuusis akkana jedheen;
"xuwwaa ani dhugu ni dhuddu;
cuuphaa ani cuuphamuunis ni
cuuphamtu; 40 Garuu mirga kiyya
yookiin bitaa kiyya taa'uu kan
kennu anaa miti; bakki[i] kun kan
warra isaaniif jedhamee qopheef-
famee ti."
41 Warri kurnan[j] yommuu waan
kana dhagayanitti Yaaqoobii fi
Yohaannisitti aaran. 42 Yesuusis
ofitti isaan waamee akkana jed-
heen; "isin akka warri akka
bulchitoota namoota ormaatti ilaala-
man sun isaan irratti gooftummaa
mullisan, gugurdoonni isaaniis
akka isaan irratti aangoo[k] agar-
siisan ni beettu. 43 Isin jidduutti
garuu akkasii miti; isin keessaa
namni nama guddaa ta'uu bar-
baadu kamiyyuu tajaajilaa[l] kees-
san haa ta'uu 44 Isin keessaa
namni nama jalqabaa ta'uu bar-
baadu kamiyyuu garbicha namaa
hundumaa haa ta'uu. 45 Ilmi na-
maayyuu tajaajiluuf lubbuu isaa
immoo furii[m] namoota baay'ee
godhee kennuuf dhufe malee
tajaajilamuuf hin dhufneetii."

**Yesuus Ija Barxemeewoosi Fayyisuu Isaa**

*10:46-52 Kwf ⇒ Mat 20:29-34; Luq 18:35-43*

46 Isaanis Yerikoo dhufan; yeroo
Yesuus barattoota isaatii fi
tuuta namoota baay'ee waliin
Yerikoodhaa bahaa turetti, Ilmi
Xemeewoosi, namichi jaamaan

[g]33 ykn *qaallolee gugurdoo;* [h]38 ykn *buduunuu/koobbee;* [i]40 ykn *fulaani;* [j]41 ykn *kudhannan;* [k]42 ykn *jabeenna,* [l]43 ykn *hojjataa;* [m]45 ykn *sooriyoo*

Barxemeewoos jedhamu tokko
karaa irra taa'ee kadhachaa
ture. 47Barxemewoosis yommuu
akka inni Yesuus isa Naazreeti
ta'e dhaga'etti, "yaa Yesuus,
yaa Ilma Daawiti na maari!"
jedhee iyye.
48Namoonni baay'een akka inni
caldhisuuf jabeessanii isa akeek-
kachiisan;[n] inni garuu, "yaa Ilma
Daawiti na maari!" jedhee ittuma
caalchisee iyye.
49Yesuusis diqqoo dhaabatee,
"isa waamaa!" jedhe.
Isaanis, "jabaadhu; ka'i inni si
waamaatii" jedhanii namicha
jaamaa sana waaman.50 Innis
wayyaa isaa of-irraa darbatee,
utaalee ka'ee gara Yesuusi dhufe.
51Yesuusis, "Akka ani maal sii
godhu barbaadda?" jedhee isa
gaafate.
Namichi jaamaan sunis, " Yaa
barsiisaa, akka agartuun tiyya
naa deebitun barbaada" jedheen.
52Yesuusis, "amantiin[o] kee si
fayyiseeraatii karaa kee deemi"
jedheen. Namichi sunis yoosuma
agartuun isaa deebiteefii Yesuus
faana karaa qabate.

**Yesuus Ulfinnaan Yerusaalem Seenuu Isaa**

*11: 1 - 10 Kwf ⇒ Mat 21:1-9; Luq 19:29-38*
*11 : 7 - 10 Kwf ⇒ Yoh 12 : 12 - 15*

**11** Yesuusii fi barattoonni isaa
akkuma Yerusaalemitti
dhiyaatanii, Beetfaagee fi
Biitaaniyaa magaalota[p] gaara
Ejersaa biratti argaman sana
ga'aniin Yesuus Barattoota isaa
keessaa nama lama erge. 2Ak-
kanas jedheen; "gara ganda fu-
ullee[q] keessan jiru sanaa dhaqaa;
akkuma gandicha seentaniinis
ilmoo[r] harree kan namni tokkoy-
yuu takkummaa hin yaabbatin
tokko ni argitu; hiikaatii fidaa. 3Yoo
eenyuyyuu, 'maaliif kana gootu?'
jedhee isin gaafate, 'Gooftaatu
barbaada; dafees deebisee ni erga'
jedhaatii isatti himaa."
4Isaanis dhaqanii ilmoo harree
tokko, balbala duratti, karaa ir-
ratti hidhame argan; akkuma isaan
hiikaniinis, 5Namoonni achi dhad-
haabachaa turan tokko tokko,
"maal gochuuf ilmoo harree kana
hiittu?" jedhanii isaan gaafatan.
6Isaanis akkuma Yesuus isaan
ajaje sanatti deebisaniif; namoonni
sunis akka isaan fudhatanii dee-
man eeyyamaniif. 7Ilmoo harree
sanas Yesuusitti fidan; uffata
isaaniis ilmoo harree irra buusan;
innis ni yaabbate. 8Namoonni
baay'een uffata isaanii karaa irra
afan; warri kaan immoo damee
baala qabu kukkutatanii karaa
irra bubuusan. 9Warri dura dee-
manii fi warri duubaan hordofan
qoonqa[s] isaanii ol fuudhanii ak-
kana jedhan;

[n]48 ykn *seeran;* [o]52 ykn *dhugeef-fachaani;* [p]1 ykn *dira;* [q]2 ykn *adda;* [r]2 ykn *bukura /buukurruu;* [s]9 ykn *sa-galee /qoonqoo*

"Hoosaanaa!"

"inni maqaa gooftaatiin dhufu
eebbifamaa dha!"

10"Mootummaan Daawiti, moo-
tummaan Abbaa keennaa
inni dhufu sun eebbifamaa
dha!"

"Hoosaanaa ol samii gubbaatti."

11Yesuusis Yerusaalem seenee
mana qulqullummaatti ol gale;
garagalees waan hundumaa
ilaale; sababii lafti galgalaayee
tureefis warra kudhanii lamaan
wajjiin ba'ee Biitaaniyaa dhaqe.

**Yesuus Mana Qulqullummaa Qulqulleessuu Isaa**

*11:12-14 Kwf ⇒ Mat 21:18-22, 11:15-18 Kwf ⇒ Mat 21:12-16; Luq 19:45-47; Yoh 2:13-16*

12Guyyaa itti aanutti otoo Bii-
taaniyaadhaa deebi'anuu Yesuus
ni beela'e. 13Innis muka harbuu[t]
kan baala qabu tokko fagootti
argee akka mukti sun firii[u] qabuu
fi firii hin qabne ilaaluu dhaqe;
garuu waan yeroon sun yeroo
harbuu hin ta'iniif inni yommuu
muka sana bira ga'etti baala malee
waa tokkollee hin arganne. 14Ye-
suusis muka sanaan, "namni
tokkoyyuu deebi'ee firii sirraa
hin nyaatin" jedhe; barattoonni
isaas waan inni jedhe sana dha-
ga'an.

15Yommuu Yerusaalem ga'anittis
Yesuus mana qulqullummaa seenee
warra achitti waa bitanii fi waa
gurguran ariyuu jalqabe; gabatee[v]
warra maallaqa[w] jijjiiraniitii fi
barcumaa warra gugee[x] gurgu-
raniis garagaggalche. 16Akka
namni tokkoyyuu waan tokkol-
lee baatee mana qulqullummaa
keessa dabrus hin eeyyamne.
17Innis akkana jedhee isaan bar-
siise;

" 'Manni kiyya saba hundumaaf,
Mana kadhannaa ni jedhama'
jedhamee hin barreeffamnee?
Isin garuu 'holqa[y] saamtotaa'
gootan."

18Luboonni hangafoonnii[z] fi
barsiistonni seeraa waan kana
dhaga'anii karaa ittiin isa ajjee-
san barbaaduu jalqaban; isaan
sababii namoonni martinuu bar-
siisa isaa ajaa'ibsiifataniif[a] isa
sodaatanii turaniitii.

19Isaanis yommuu lafti gal-
galaa'etti magaalaa sana keessaa
ba'an.

[t]13 ykn *odaa;* [u]13 ykn *midhaani;* [v]15 ykn *gomboo;* [w]15 ykn *beessee;* [x]15 ykn *saphaliisa/handarii;* [y]17 ykn *goda;* [z]18 ykn *qaallolee gugurdoo;* [a]18 ykn *dinqifataniif/ maadeffaniif*

**11:9** *Hoosaanaa* - Hosaanaa jechuun, " Amma nu fayyisi!" yookiin " Maaloo nu fayyisi!"jechuudha.

### Mukti Harbuu Goguu Isaa

*11 : 20 - 24 Kwf ⇒ Mat 21 : 19 - 22*

20 Isaanis Guyyaa itti aanu ganamaan otoo karaa sana irra dabranuu akka mukti harbuu sun hundee isaatii jalqabee goge argan. 21 Pheexiroosis qaabatee[b] Yesuusiin, " Yaa barsiisaa ilaa! harbuun ati abaarte sun gogeera" jedhe.

22 Yesuus immoo akkana jedhee isaanii deebise; "Waaqayyotti amantii[c] qabaadhaa! 23 Ani dhuguma isinitti nan hima; eennuyyuu yoo gaara kanaan 'buqqa'iitii galaanatti darbatami' jedhe, yoo garaa isaattis otoo hin mamin, akka wanni inni jedhe sun raawwatamu[d] amane, wanni sun ni ta'aaf. 24 Kanaaf ani isinittin hima; waan kadhannaan gaafattan cufa akka argattan amanaa; innis keessan ta'aatii. 25 Yeroo waaqa kadhachuuf kaatan, akka Abbaan keessan inni samii irraa cubbuu keessan isinii dhiisuuf[e], isinis yoo waanuma tokkollee nama tokko irraa qabaattan isaaf dhiisaa. 26 Yoo dhiisuufii baattan garuu Abbaan keessan inni samii irraas cubbuu keessan isinii hin dhiisu."

### Gaafii Waayee Aangoo Yesuusi

*11:27-33 Kwf ⇒ Mat 21:23-27; Luq 20:1-8*

27 Isaanis deebi'anii gara Yerusaalemi dhufan; otoo Yesuus mana qulqullummaa keessa deddeebi'aa jiruu luboonni hangafoonni, barsiistonni seeraatii fi maanguddoonni gara isaa dhufan.
28 Isaanis, "Ati aangoo[f] maaliitiin waan kana mara hojjatta? akka waan kana hojjattuufis eenyuttu aangoo sii kenne?" jedhanii isa gaafatan.

29 Yesuusis akkana isaaniin jedhe; "ani gaafii tokko isin gaafadha; isinis naa deebisaa; Anilleeni aangoo maaliitiin waan kana hunda akka hojjadhu isinitti nan hima. 30 Cuuphaan Yohaannisi samii irraa dhufe moo nama biraa dhufe? Mee natti himaa!"

31 Isaanis waliin mariyatanii, "Yoo nu, 'samii irraa dhufe' jenne inni immoo, 'Yoos isin maaliif isatti hin amanne ree?' nuun jedha; 32 Yookaan 'nama biraa dhufe' jennuu laata?" jedhan. Isaanis sababii namni cuftinuu Yohaannisin akka raajaa[g] dhugaatti fudhateef uumata sodaatan.

33 Kanaaf, "hin beennu" jedhanii Yesuusiif deebisan.

Yesuus immoo, "anis aangoo maaliitii akka waan kana mara hojjadhu isinitti hin himu" jedheen.

[b]21 ykn *yaadatee;* [c]22 ykn *dhugeeffachaa;* [d]23 ykn *guutamu;* [e]25 ykn *haraamuuf;* [f]28 ykn *jabeenna;* [g]32 ykn *raaga*

**Fakkeenya Qottuuwwanii**

*12:1-12 Kwf ⇒ Mat 21:33-46; Luq 20:9-19*

**12** Innis akkana jedhee fak-
keenyaan isaanitti dub-
bachuu jalqabe; "namni tokko
biqiltuu wayinii dhaabe; naannoo
isaatti dallaya ijaare; boolla itti
wayinii cunfan qotee siree irra
taa'anii eegan ijaare; innis oobruu[h]
wayinii sana qottuuwwanitti
kireessee biyya fagoo deeme.
2 Yommuu yerooni itti wayinii
muran ga'ettis akka inni firii[i]
wayinii irraa qooda isaa fud-
huufiif garbicha isaa tokko qot-
tuuwwan sanatti erge. 3 Isaani
garuu garbicha sana qabanii,
tumanii harka duwwaa of irraa
deebisan. 4 Ammas garbicha bi-
raa[j] isaanitti erge; Isaanis mataa
isaa dhagaan burussanii qaanes-
sanii deebisan. 5 Ammas garbicha
dhibii erge; isas ni ajjeesan;
garboota biraa baay'ees erge;
isaanis gara tokko ni tuman;
kaan[k] immoo ni ajjeesan.
6 "Ammas nama ergu tokko
qaba ture; innis ilma isaa isa
jaalatamaa dha; Namichis, 'ilma
kiyyaaf ulfinna ni kennu' jedhee
dhuma irratti ilma isaa sana erge.
7 "Qottuuwwan sun garuu,
'Dhaaltuun isaa kunoo kana;
koottaa isa ajjeefnaa! dhaalli
isaas keenya ta'aatii!' waliin
jedhan. 8 Isaanis qabanii isa
ajjeessan; oobruu wayinichaa
keessaas gadi baasanii isa gatan.
9 "Egaa abbaan oobruu sanaa
maal godhinna laata? Inni ni dhufa;
Qottuuwwan sanas ni ajjeessa;
oobruu isaa namoota biraatti
kennata. 10 Isin kitaaba hin dub-
bifnee? Innis akkana jedha;

" 'Dhagaan ijaartonni tuffatan,
dhagaa golee[l] ta'eera;
11 Kana Gooftaatu hojjate;
kunis ija keennaaf dinqii[m] dha.' "

12 Isaanis akka inni waayee
isaaniitiif jedhee fakkeenya sana
dubbate waan hubataniif isa
qabuu barbaadan; garuu namoota
sodaatan; kanaaf isa dhiisanii
deeman.

**Waayee Gibira Baasuu**

*12:13-17 Kwf ⇒ Mat 22:15-22; Luq 20:20 -26*

13 Eegasii waan inni dubbatuun
isa qabuuf jedhanii Fariisotaa fi
garee Heroodis keessaa namoota
tokko tokko isatti ergan. 14 Isaanis
gara isaa dhufanii akkana
jedhaniin; "Yaa Barsiisaa, akka
ati nama dhugaa taate ni beenna;
ati nama hin sodaattu; dhugu-
maan karaa Waaqayyoo barsiifta
malee nama wal-hin caalachiftu.
Qeesaariif gibira baasuun seera
moo seeraa miti? 15 Haa baafnuu
moo haa dhiifnuu?"

[h] 1 ykn *maasii /maasaa;* [i] 2 ykn *midhaan;* [j] 4 ykn *dhibii;* [k] 5 ykn *kaawwan;* [l] 10 ykn *mikikkilaa;* [m] 11 ykn *ila teennaaf-maadee/ ajaa'ibsiisaa*

Yesuus garuu fakkeessitum-
maa isaanii baree, "isin maaliif
na qortu" Mee dinaara tokko
fidaa nan ilaalaa!" jedheen.
**16**Isaanis dinaara tokko isatti
fidan; innis, "fakkiini kun fakkii
eenyuu ti? katabbiin kunis kan
eenyuuti? " jedhee isaan gaafate.
Isaanis, "kan Qeesaari"
jedhanii deebisan.
**17**Yesuusis, "kan Qeesaari Qee-
saariif kennaa; kan Waaqayyoo
immoo Waaqayyoof kennaa" jedheen.
Isaanis isa ajaa'ibsiifatan.

### Waayee Fuudhaafi Heeruma Yeroo Du'aa Ka'iisaa

*12 : 18 - 27 Kwf ⇒ Mat 22 : 23- 33; Luq 20 : 27 - 38*

**18**Saduuqonni, du'aa ka'iisni
hin jiru jedhan tokko tokko gara
Yesuusi dhufanii akkana
jedhanii gaafii tokko isa gaafa-
tan; **19**"Yaa Barsiisaa yoo obbo-
leessi nama tokkoo niitii fuudhee
otoo ijoollee hin dhalfatin[n] niitii
isaa irraa du'e, obboleessi nami-
chaa niitii sana fuudhee obbo-
leessa isaatiif sanyii haa dhaabuu[o]
jedhee Muuseen nuu barreesseera;
**20**Obboleeyyan torbatu ture; inni
jalqabaa niitii fuudhee otoo
ijoollee hin dhalfatin du'e; **21**Inni
lammataas niitii obboleessa isaa
sana fuudhee otoo ijoollee hin
dhalfatin du'e; inni sadaffaanis
akkasuma ta'e. **22**Torban isaanii
keessaa namni tokkoyyuu ijool-
lee hin dhalfanne. Dhuma irratti
dubartittiinis ni duute. **23**Egaa
guyyaa du'aa ka'iisaatti isiin niitii
isa kamii taati? Torban isaaniiy-
yuu isii fuudhaniiruutii."
**24**Yesuusis deebisee akkana
jedheen; "isin sababii Kitaabota
yookaan humna Waaqayyoo hin
beenneef dogongortuu mitii? **25**Warri
du'an yommuu du'aa ka'anitti
akka maleekkota Waaqayyoo
kanneen samii irraa ta'u malee
hin fuudhan; hin heerumanis.
**26**Waayee warri du'an du'aa
kaafamuu garuu akka Waaqayyo
kitaaba Muusee keessatti, oduu
waayee tuusii[p] keessatti, 'ani
Waaqa Abrahaami, Waaqa
Yisaaqiitii fi Waaqa Yaaqoobi'
jedhee, Muuseetti dubbate isin

[n]19 ykn *hin godhatin/ hin uumatin;* [o]19 ykn *daaraa ha dabarsuu,* [p]26 *ykn gurbii/ miciree*

**12:15** *Diinaara* - Hiikkaan tokko tokko saantima jedha. Saantimni maallaqaa kunis saantima mootummaa Roomaa ture. Innis fakkii fuula mootii Roomaa qofa otoo hin ta'in mormii mootiin sun amantii irratti qabus ni mullisa. Fakkeenyaaf Xibaariyoos mootichi bara sana saantima isaa irratti katabbii, "Xibaariyoos Qeesaari, ilma Awugisxoos Waaqichaa" jedhu qaba ture (Luq 3:1). Fakkii fuula namaa saantima irratti qabaachuun fuula Yihuudota amantii qabanii duratti jibbisiisaa ture. Kitaaba qulqulluu keessattis dhowwameera (Seera Ba'u 20:4; Seera KeD 5:8).

hin dubbifnee? 27Inni Waaqa jiraattootaati malee Waaqa du'aaleyyiitii[q] miti; kanaaf isin akka malee dogongortaniirtu.

**Ajaja Ajaja Hundumaa Caalu**

*12:28-34 Kwf ⇒ Mat 22:34-40*

28Barsiistota seeraa keessaa inni tokko dhufee wal-mormuu isaanii dhaga'e; innis akka Yesuus deebii gaarii isaanii kenne hubatee, "ajajni[r] ajaja mara caalu isa kami?" jedhee Yesuusin gaafate.

29Yesuusis akkana jedhee deebise; "ajajni ajaja mara caalu isa kana; 'Yaa Israa'el dhaga'i! Waaqni keenya Gooftichi inni Gooftaa tokkicha. 30Waaqa kee Goofticha garaa kee guutuun, lubbuu kee guutuun, yaada kee guutuun, humna kee guutuun jaaladhu.'
31Inni lammaffaan immoo, isa kana; 'ollaa kee akka ofii keetiitti jaaladhu.' Ajajni ajaja kanniin lamaan caalu tokkolleeni hinjiru."

32Barsiisaan seeraa sunis akkana jedhee deebise; "Yaa Barsiisaa, waan gaarii jette; Waaqayyo tokkichuma; isa malees Waaqni dhibiin hin jiru jechuun kee dhugaa dha. 33Garaa guutuun, qalbii guutuun humna guutuun isa jaalachuuni, ollaa ufiis akka mataa ufiitti jaalachuun, qalma gubamuu fi aarsaa[s] hunda caalaa faayidaa qaba."

34Yesuusis yommuu akka namichi hubannaadhaan deebise argetti, "ati mootummaa Waaqayyoo irraa fagoo hin jirtu" jedheen. Gaafa sanaa jalqabee eennuyyuu gaafii tokkollee isa gaafachuuf ija[t] hin jabaanne.

**Kiristoos Ilma Eennuu ti?**

*12:35-37 Kwf ⇒ Mat 22:41-46; Luq 20:41-44*
*12:38-40 Kwf ⇒ Mat 23:1-7; Luq 20:45-47*

35Yesuus otoo mana qulqullummaa keessatti barsiisaa jiruu akkana jedhee gaafate; "barsiistonni seeraa akkamitti Masiihiin Ilma Daawiti jechuu danda'u? 36Daawit mataan isaayyuu Hafuura Qulqulluudhaan qajeelfamee akkana jedheera;

" ' Gooftichi Gooftaa kiyyaan,
"hanga ani diinota[u] kee,
miila kee jala sii galchuutti,
Karaa harka mirga kiyyaa taa'i.' "

37Daawit mataani isaayyuu 'Gooftaa' jedhee isa waama; yoos inni akkamitti ilma Daawiti ta'uu danda'a ree?"

Namoonni akka malee baay'eenis gammachuun isa dhagayaa turan.

38Yesuusis barsiisa isaa keessatti akkana jedhe; "barsiistota seeraa irraa uf-eegadhaa; isaani uffata dhedheeraa uffatanii nanaanna'uu fi lafa gabayaatti nagaya gaafatamuu[v]; jaalatu.

[q]27 ykn *duutotaa;* [r]28 ykn *seerri,* [s]33 ykn *sooriyoo;* [t]34 ykn *adda;* [u]36 ykn *nyaapha;* [v]38 ykn *dubbifamuu*

39Mana sagadaatti barcumaa ol-aanu, lafa cidhaatti[w] immoo bakka[x] ulfinnaa jaalatu. 40Isaanis bultii niitii dhiirsii irraa du'ee saamanii oonsu; itti fakkeessuuf jedhaniis kadhannaa isaanii dheeressu. Warri akkasii nama mara caalaa adabamu."

### Kennaa Niitii dhiirsii irraa du'ee

*12:41-44 Kwf Luq 21:1-4*

41Yesuusis fuullee[y] bakka kennaan kaa'amuu taa'ee namoota maallaqa[z] isaanii mi'a[a] kennaa keessa buusan ilaala ture; dureeyiin baay'eenis maallaqa baay'ee mi'a sana keessa buusaa turan. 42Niitiin dhiirsii irraa du'e hiyyeettiin tokko dhuftee beessaa sibiila diimaa xixiqqoo lama kan gatiin isaa gara saantima tokkoo ta'e mi'a sana keessa buufte.

43Yesuusis barattoota isaa ofitti waamee akkana jedhe; "Ani dhuguman isinitti hima; niitiini dhiirsii irraa du'e hiyyeettiini tun warra mi'a kennaa kana keessa kennaa buusan hunda caalaa buufteerti. 44Warri sun cufti qabeenya isaanii irraa kennan; isiini garuu hiyyumma isii keessaa waan qabdu cufa, waan ittiin jiraatu cufas kennite."

### Milikkita Dhuma Baraa

*13:1-37 Kwf ⇒Mat 24:1-51; Luq 21:5-36*

**13** OtooYesuus mana qulqullummaatii ba'aa jiruu barattoota isaa keessaa inni tokko, "Yaa barsiisaa! dhagaawwan ajaa'ibsiisaa[b] kanniiniifi ijaarsa[c] ajaa'ibsiisaa kana mee ilaali!" jedheen.

2Yesuusis deebisee, "ijaarsa guddaa kana argitaa? Dhagaa asi jiru kana keessaa dhagaan wal-irratti hafu tokkoyyuu hin jiru; hundi isaayyuu ni diigama" jedheen.

3Otoo Yesuus gaara Ejersaa irra fuullee[d] mana qulqullummaa taa'ee jiruu Pheexiroos, Yaaqoob, Yohaannisii fi Indiriyaas akkana jedhanii kophaatti isa gaafatan; 4"mee nutti himi; wanni kun yoom ta'a? Yommuu wanni kun raawwatamuu[e] ga'u immoo milikkinni[f] isaa maal?"

5Yesuusis akkana jedheen; "akka namni kamiyyuu isin hin gowwoomsine of-eegadhaa; 6Namoonni baay'een, 'ani isa' jechaa maqaa kiyyaan ni dhufu; namoota baay'ees ni gowwoomsu. 7Isin Yommuu waayee waraanaatii

[w]39 ykn *jilaatti;* [x]39 ykn *fulaa;* [y]41 ykn *adda;* [z]41 ykn *beessee;* [a]41 ykn *meeshaa/ qodaa;* [b]1 ykn *madeffachiisaa/dinqisiisaa;* [c]1 ykn *gamoo* [d]3 ykn *adda;* [e]4 ykn *guutamuu;* [f]4 ykn *milikkeetii/malkanni*

**12:39** *Mana Sagadaatti barcumaa ol-aanu* - Barcumni kun bakka taa'umsaa dooyaa ol - ka'aa irratti, fuula sanduuqa kitaaba qulqulluu baatuu duratti hojjatamee dha; Namoonni kaan garuu lafa dhadhaabatu yookaan tataa'u turan.

fi oduu waayee waraanaa dhageessanitti hin raafaminaa; wanni akkanaa ta'uu qabaatii; garuu dhumni isaa ammallee hin geenne. 8 Sabni sabatti, mootummaanis mootummaatti ni ka'a; sochiin lafaa naannoo addaa addaatti ni ta'a; beellis ni bu'a; kunis jalqaba ciniinsuu da'umsaa ti.

9 "Isin garuu uf-eegadhaa; isaani dabarsanii gumii murtiitti isin kennuutii; manneen sagadaa keessatti ni garafamtu; akka ragaa[g] isaanitti taataniifis naaf jettanii fuula bulchitootaatii fi fuula moototaa dura ni dhaabattu. 10 Duraan dursee wangeelli saba cufatti lallabamuu qaba. 11 Yommuu Qabamtanii qorumsaaf dhiyeeffamtanitti waan yeroo sana isinii kennamu dubbadhaa malee maal jenna laata jettanii hin yaadda'inaa; kan dubbatu Hafuura Qulqulluu[h] malee isinii mitii.

12 "Obboleessi dabarsee obboleessa du'atti kenna; abbaani dabarsee mucaa isaa du'atti kenna. Ijoolleen abbaa fi haadha isaantti ka'u; ni ajjeesus. 13 Namni martinuu sababii kiyyaaf isin jibba; kan hanga dhumaatti jabaatee dhaabatu garuu ni fayya.

14 " 'Wanni jibbisiisaan bakka[i] qulqulluu xureessu' yommuu lafa isaaf hin malle dhaabatee argitanitti, namni waan kana dubbisu haa hubatuu! Yommus warri Yihuudaa jiran tulluuwwanitti haa baqatan. 15 Namni mana gubbaa jiru gadi hin bu'in yookiin waan tokkollee fudhachuuf jedhee mana isaa hin seenin; 16 Namni lafa qonnaa jirus uffata isaa fudhachuuf jedhee duubatti hin deebi'in. 17 Barri sun dubartoota ulfaatii[j] fi haawwan hoosisaniif akkam hammaatinna laata! 18 Kunis akka ganna keessa hin taaneef waaqa kadhadhaa! 19 Bara sana keessa dhiphinni guddaan jalqaba uumama Waaqni uumee kaasee hanga ammaatti hin ta'in, kan gara fuula duraattis hintaane tokko ni dhufa. 20 Otoo Waaqayyo guyyoota sana gabaabsuu baatee silaa namni tokkolleen hin hafu ture; inni garuu filaatamtoota filateef jedhee guyyoota sana gabaabseera. 21 Yeroo sana yoo abbaan fedheyyuu, 'ilaa Kiristoos asi jira!' yookaan 'kuunoo Kiristoos achi jira!' isiniin jedhe hin amaninaa[k]. 22 Sababiin isaas Kiristoosonni dharaatii fi raagonni[l]

[g] 9 ykn *dhugaa-baatota/dhugeessitoota;* [h] 11 ykn *Ayyaana Woyyuu;* [i] 14 ykn *fulaa;* [j] 17 ykn *nadheeni garaachaatiif* [k] 21 ykn *hindhugeeffatinaa;* [l] 22 ykn *raajonni*

**13:18** *Ganna* - ganni yeroo bokkaan cimaani roobee lagni guutee rakkinna uumuudha. Akkasumas akka ganna keessa hirdhinni nyaataa jiru agarsiisuu danda'a

dharaa ni ka'u; yoo isaanii dan-
da'ames, warra filatamanillee
gowwoomsuuf jedhanii milikki-
taa fi baasa ni hojjatu. **23**Kanaaf
of - eegadhaa! ani waan hunda
duraan dursee isinitti himeeraatii.

**24** "Bara sana keessa garuu
cinqama sanaan duubatti,

" 'aduun ni dukkanoofti;
jiinis[m] ifa ishii hin kennitu;
**25**Urjoonni samii irraa ni harca'u;
humnoonni samiis ni raafamu.

**26** "Yeroo sana namoonni otoo
Ilmi namaa humnaa fi ulfinna
guddaadhaan duumessaan dhufuu
ni argu. **27**Innis Maleekkota isaa
ergee filatamtoota isaa kanneen
handaarawwan[n] lafaa irraa hanga
handaarawwan samiiwwaniitti
jiran qilleensota afran irraa walitti
qaba.

**28**"Fakkeenna kanas muka
harbuu[o] irraa baradhaa; yommuu
dameen isaa latee baala baafatutti
akka bonni dhiyaate ni beettu.
**29**Kanaaf isinis akkasuma yom-
muu wanni kun raawwatamuu
isaa argitanitti akka yerooni sun
dhiyaatee balbala irra gahe beekaa.
**30**Ani dhuguma isinitti nan hima;
hanga wonni kun marti raawwa-
tamutti dhaloonni kun hin dabru.
**31**Samii fi lafti ni dabru; dubbiin
kiyya garuu matumaa[p] hin dabru.

### Guyyaa Fi Sa'aatiin Sun Hin beekamu

**32**"Waayee guyyaa sanaa yookiin
waayee sa'aatii sanaa abbaa qo-
fattu beeka malee namni tokkol-
leen hin beeku; maleekkonni
samii irraalleen yookaan Ilmilleen
hin beekan. **33**Uf eegadhaa!
Dammaqaas! Yeroon sun yoom
akka ta'e hin beettaniitii. **34**Kunis
nama tajaajiltoota[q] isaatti itti
gaafatama kennee, tokko tokkoo
isaaniittis hujii isaa kennee akka
tajaajilaan karra eeguu immoo
dammaqee eegu ajajee mana isaa
dhiisee karaa dheeraa deeme
tokko fakkaata.

**35**"Kanaaf yeroo itti abbaan mana
sanaa deebi'u, jechuunis galgala
yookaan halkan wadhakkaa
yookaan iyya lukkuu[r] yookaan
barii obboroo ta'uu isaa hin beet-
taniitii dammaqaa! **36**Kunis akka
inni otoo isin quba hin qabaatin
dhufee, otoo raftanuus isin hin
arganneefi. **37**Ani waan isiniin
jedhu nama cufumaan nan jedha;
dammaqaa!"

### Yesuus Biitaaniyaatti Urgooftuu Dibamuu Isaa

*14:1-11 Kwf ⇒ Mat 26:2-16*
*14:1, 2, 10 , 11 Kwf ⇒ Luq 22:1-6*
*14:3-8 Wbq ⇒ Yoh 12:1-8*

**14** Ayyaana faasiikaatii fi
ayyaana qixxaatiif guyyaa
lama qofatu hafa ture; luboonni

[m]24 ykn *ji'illeeni;* [n]27 ykn *moggaa;* [o]28 ykn *odaa;* [p]31 ykn *akkanallee jedhee;* [q]34 ykn *hojjattoota;* [r]35 ykn *iyyanna lukkuu*

hangafoonnii[s] fi barsiistonni
seeraa mala ittiin Yesuusin qa-
banii ajjeesan barbaadaa turan.
2 Isaanis, "Akka namoonni goolii[t]
hin kaafneef kun guyyaa ay-
yaanaatiin ta'uu hin qabu" jedhan.
3 Yesuusis otoo Biitaaniyaatti
mana namicha Simoon lamxaa'aa[u]
jedhamu tokkootti maaddiitti[v]
dhiyaatee jiruu dubartiin tokko
dibata urgaa'aa gatiin isaa gud-
daa kan naardoos qulqulluu irraa
qopheeffame bilqaaxxiitti[w] fud-
hattee dhufte; isiinis bilqaaxxicha
cabsitee dibata sana mataa Ye-
suusiitti dhangalaafte.
4 Namoota achi turan keessa
tokko tokko aaranii akkana jedhan;
"dibanni kun maaliif akkanu-
maan bada? 5 Silaa dibanni kun
diinaarii dhibba sadii olitti gur-
guramee horiin isaa hiyyeeyiif
kennuun ni dandaa'ama ture!"
Isaanis ishiitti dheekkaman.
6 Yesuus garuu akkana jedhe; "
dhiisaa! maaliif ishii rakkiftu?
ishiin waan gaarii naa gooteerti.
7 Hiyyeeyyiin yeruma cufa isin
waliin jiraatu; yeroo feetanittis
isaan gargaaruu ni dandeettu';
ana garuu yeroo cufa of biratti
hin argattan. 8 Ishiin waan dan-
deettu hojjateerti; nafa kiyyas
duraan dursitee awwaalaaf dib-
deerti. 9 Ani dhuguma isinitti hima;
guutuu biyya lafaa irratti, lafa
wangeelli itti lallabamu hundatti
wanni ishiin gootes yaadannoo[x]
ishiitiif ni dubbatama."
10 Yommus warra kudhanii-
lamaani keessa tokko, Yihuudaa
Asqorootichi, Yesuusin dabarsee
isaanitti kennuuf jedhee gara
luboota hangafootaa dhaqe. 11 Isaanis
yommuu waan kana dhagayanitti
gammadanii, horii isaaf kennuuf
waadaa seenan[y]. Kanaaf Yihuu-
daan dabarsee isa kennuuf haala
mijaawaa eegachaa ture.

### Irbaata Gooftaa

*14:12-26 Kwf ⇒ Mat 26:17-30; Luq 22:7-23*
*14:22-25 Kwf ⇒ 1 Qor 11:23-25*

12 Guyyaa jalqaba ayyaana qix-
xaa yeroo itti hoolaan faasikaa
qalamutti barattoonni Yesuusi,
"akka ati faasikaa nyaattuuf nu
eessa dhaqnee akka sii qo-
pheessinu barbaadda?" jedhanii
isa gaafatan.
13 Innis barattoota isaa keessaa
nama lama erge; akkanas isaaniin
jedhe "magaalaa[z] seenaa; namichi

[s]1 ykn *qaalollee gugurdoo;* [t]2 ykn *lola;*[u]3 ykn *hiikaani tokko tokko qomaaxaa jedha;* [v]3 ykn *gololatti / nyaatatti;* [w]3 ykn *killatti;* [x]9 ykn *qaabachaa;* [y]11 ykn *kakatan;* [z]13 ykn *dira*

**14:5** *Diinaarii dhibba sadii* - mindaa waggaatti hojjataa tokkoof kaffalamu ta'uu danda'a.
**14:8** *"Nafa kiyya --- awwaalaaf dibdeerti"*-Yihuudonni yommuu reeffa tokko awwaalaaf qopheessanitti dhadhaa urgawutti fayyadamu ture (Mar. 16:1).

okkotee bisaanii baatu tokko
isinitti ni dhufa; isinis isa hordofaa.
14Abbaa mana namichi sun seenuuti-
inis, 'Barsiisaan, "manni keessu-
maa kiyya, bakki[a] ani barattoota
kiyyaa waliin itti Faasikaa nyaadhu
eessa?" jedhee gaafata' jedhaa.
15Abbaan manaa sunis kutaa
gubbaa manaa[b] baldhaa midhaaf-
famee qopheeffame tokko isinitti
agarsiisa; isinis achitti nuu qo-
pheessaa."

16Barattoonni sunis ka'anii
magaalaa sana seenan; waan
maras akkuma Yesuus isaanitti
hime sanatti argan; Faasikaas
ni qopheessan.

17Yesuusis yommuu lafti gal-
galaa'etti warra kudhanii-lamaan
wajjiin achi gahe. 18Otoo isaani
maaddiitti dhiyaatanii jiranuu Ye-
suus, "Ani dhuguma isinitti nan
hima; isin keessaa tokko jechuunis
inni amma na waliin nyaachuutti
jiru dabarsee na kenna" jedheen.

19Isaanis gaddanii[c], dabaree
dabareen[d], "na ta'innaa laata?"
jedhaniin.

20Yesuusis akkana jedhee dee-
bise; "Namni sun warra kudhanii -
lamaan keessaa isa tokkoo dha;
innis isa na waliin gabatee[e]
keessaa cuuphatuu dha. 21Ilmi
namaalleen akkuma waayeen
isaa barreeffametti ni deema; Isa
Ilma namaa dabarsee kennu sanaaf
garuu wayyoo! inni otoo dhalachuu
baatee isaa wayya tureetii!"

22Otoo nyaachaa jiranuus Ye-
suus buddeena fuudhee eebbise;
caccabsees "hoo'aa[f], kun foon
kiyyaa" jedhee barattoota isaatiif
kenne.

23Xuwwaa[g] fuudhee galata
galchee isaanii kenne; hundi isaaniis
xuwwaa sana irraa dhugan.

24Innis akkana isaaniin jedhe;
"kun dhiiga kiyya, dhiiga kakuu
haarayaa kan namoota baay'eef
dhangalaafamuu dha. 25Ani dhu-
guma isinitti hima; ani hanga
guyyaa sana mootummaa Waaqay-
yoo keessatti bifa haarayaan isa
dhugutti firii[h] wayinii kana irraa
deebi'ee hin dhugu."

26Isaanis eega faarfannaa faar-
fatanii booddee[i] gaara Ejersaatti
ol bahan.

### Yesuus Akka Pheexiroos Isa Ganu duraan Dursee Dubbachuu Isaa

*14:27-31 Kwf ⇒ Mat 26:31-35*

27Yesuusis akkana isaaniin
jedhe; "cufti keessan ni gufattu;
akkana jedhamee barreefameer-
aatii:

" 'ani tissituu nan rukuta[j],
hoolonnis[k] ni bittinneef-
famu.'

[a]14 ykn *fulaani;* [b]15 ykn *darbii;* [c]19 ykn *laaleffatannii;* [d]19 ykn *marroo marrootti;* [e]20 ykn *qorii;* [f]22 ykn *hoodhaa;* [g]23 ykn *buduunuullee/kobbee;* [h]25ykn *midhaani;* [i]26 ykn *duubatti;* [j]27 ykn *indha'a;* [k]27 ykn *ooliyyeeni*

[28]Ani garuu erga kaafamee bood-
dee isin dura Galiilaa nan dhaqa."
[29]Pheexiroosis, "Yoo isaan hund-
inuu gufatanillee ani hin gufadhu"
jedheen.
[30]Yesuus immoo deebisee,"ani
dhuguma sitti nan hima; edana
otoo kormi lukkuu hin iyyin ati
yeroo sadii na ganta[l] " jedheen.
[31]Pheexiroos garuu, "ani yoo si
wajjiin du'ellee matumaa[m] si hin
ganu" jedhee jabeessee dubbate.
Warri hafan martinuus akkanuma
jedhan.

**Geetesemaanii**

*14:32-42 Kwf ⇒ Mat 26:36-46; Luq 22:40-46*

[32]Isaanis bakka Geetesemaanii
jedhamu tokko dhaqan; Yesuusis
barattoota isaatiin, "hanga ani
Waaqa kadhadhee dhufutti asi
taa'aa" jedheen. [33]Innis Pheexi-
roosin, Yaaqoobii fi Yohaannisin
ufitti fudhatee, akka malee gad-
duu fi yaadda'uu jalqabe. [34]Isaani-
inis, "lubbuun tiyya akka malee
gadditee du'uu geetteerti; isin
asuma turaa; dammaqaas" jedhe.
[35]Diqqoo isii achi hiiqee, lafa
dha'ee, yoo danda'ame akka
sa'aatittiin sun isa irra dabrituuf
waaqa kadhate. [36]Innis, "Abbaa,
yaa Abbaa; wanni hundinuu siif
ni danda'ama; xuwwaa kana nar-
raa fuudhi; garuu wanni ati bar-
baaddu haa ta'uu malee wanni
ani barbaadu hin ta'in" jedhe.
[37]Innis gara barattoota isaatti
deebi'ee, isaanii rafu[n] arge; Phe-
exiroosiinis akkana jedhe; "Simoon,
ati ammallee inuma raftaa? Sa'aatii
tokkollee dammaquu hin dandeen-
nee? [38]Isin akka qoramatti[o] hin
seenneef dammaqaa Waaqa kad-
hadhaa; hafuurri qophaa'aa dha;
foon garuu dadhabaa dha.
[39]Ammas dhaqee, waanuma
duraan kadhate sana kadhate.
[40]Innis yommuu deebi'ee dhufetti
ammas isaanii rafu arge; mugaatiin
isaan qabee tureeti; Isaanis akka
maal jedhanii deebisaniifillee hin
beenne.
[41]Yeroo sadaffaas deebi'ee
akkana jedheen; "isin ammayyuu
raftanii boqochuutti jirtuu? ni
ga'a! Sa'aatiini sun ga'eera; kunoo,
Ilmi Namaa dabarfamee harka
cubbamtootaatti ni kennama. [42]Ka'a!
koottaa ni deemnaa! namichi
dabarsee na kennu sun kunoo
dhufeera."

**Yesuus Qabamuu Isaa**

14 : 43 - 50 Kwf ⇒ *Mat 26 : 47 - 56 ; Luq 22: 47 - 50 ; Yoh 18 : 3 -11*

[43]Otuma Yesuus dubbachaa jiruu,
warra kudhanii lamaani keessaa-
inni tokko jechuunis Yihuudaani
dhufe; isa waliinis namoonni
luboota hangafootaa, barstiistota
seeraatii fi maanguddoota biraa
ergaman baay'een goraadee fi
bokkuu qabatanii dhufan.
[44]Inni Yesuusin dabarsee kennu

[l]30 ykn *mormatta;* [m]31 ykn *akkanallee jedhee;* [n]37 ykn *rafan;* [o]38 ykn *ilaallattoo*

sunis, "namichi ani dhaqee dhuungadhu isa; qabaatii eegumsa jabaan isa fuudhaa deemaa" jedhee milikkita[p] kenneefii ture. [45]Yihuudaanis eega dhufee booddee yeruma sana Yesuusitti dhiyaatee, "Yaa Barsiisaa" jedhee isa dhuungate. [46]Namoonni sunis Yesuusin qabanii hidhan. [47]Warra achi dhadhaabachaa turan keessaa inni tokko garuu goraadee isaa luqqifatee garbicha luba ol aanaa dhayee gurra isaa irraa kute.

[48]Yesuusis akkana jedheen; "isin akka waan ani saamtuu ta'eetti goraadee fi bokkuu qabattanii na qabuu dhuftanii? [49]Ani guyyuma guyyaan mana qulqullummaa keessatti barsiisaa isin wajjiin tureera; isinis na hinqabne; kun garuu akka Kitaabonni Qulqulluuni[q] raawwatamaniif[r] ta'e." [50]Cufti isaaniis isa dhiisanii baqatan.

[51]Dargaggeessi tokkos uffata quncee talbaa[s] irraa hojjatame tokko qofa uffatee Yesuus faana deemaa[t] ture; isas ni qaban. [52]Dargaggeessi sun garuu uffata isaa dhiisee, qullaa isaa baqatee harkaa ba'e.

### Yesuus Yaa'ii Yihuudotaa duratti Dhiyeeffamuu Isaa

*14:53-65 Kwf ⇒ Mat 26:57-68; Yoh 18:12, 13, 19-24*
*14:61-63 Kwf ⇒ Luq 22:67-71*

[53]Isaanis Yesuusin luba ol aanaatti geessan; luboonni hangafoonni, maanguddoonnii fi barsiistonni seeraa hundinuu walitti qabaman. [54]Pheexiroosis fagaatee Yesuusin hordofaa keellaa[u] mana luba ol aanaa seene; innis eeddotaa waliin achi taa'ee ibidda qaqqaammachaa[v] ture.

[55]Luboonni hangafoonni, yaa'iin Yihuudotaa martinuus Yesuusin ajjeesuuf jedhanii rageessitoota[w] barbaadaa turan; garuu nama tokkollee argachuu hin dandeenne. [56]Namoonni baay'een dharaan isatti rageessanii turani; ragaan isaanii garuu tokko hin taane.

[57]Tokko tokko immoo ka'anii akkana jedhaanii dharaan isatti rageessan; [58]" 'mana qulqulluummaa kan harka namaatiin ijaarame kana diigee mana qulqullummaa kan harka namaatiin hin ijaaramin deebisee guyyaa sadii keessatti nan ijaara' jechuu isaa dhageenyeerra." [59]Haa ta'uu malee ragaan isaanii ammallee tokko hin taane.

[60]Lubni ol aanaan ka'ee fuula isaanii dura dhaabatee, "ati deebii tokkollee hin kennituu? wanni namoonni kunneen sitti rageessan kun maali?" jedhee Yesuusin gaafate. [61]Yesuus garuu calluma jedhe[x]; waa tokkos hin deebifne.

[p]44 ykn *malkata/milikkeeta;* [q]49 ykn *Woyyuun;* [r]49 ykn *guutamaniif;* [s]51 ykn *hiikkaani tokko tokko booftaa jedha;* [t]51 ykn *gula deemaa;* [u]54 ykn *naaboo;* [v]54 ykn *Oo'ifata'aa;* [w]55 ykn *dhugeessitoota/ dhugaa-baatota;* [x]61 ykn *inuma callise*

Lubni ol aanaani ammas, "Masiihiichi[y] Ilmi isa eebbifamaa sanaa si'ii?" jedhee isa gaafate.

62Yesuusis, "eeyee ana. Isin otoo ilmi nama karaa harka mirgaa isa humna-qabeessa sanaa taa'uu, duumessa samiitiinis otoo dhufuu ni argitu" jedhe.

63Lubni ol aanaanis uffata isaa tarsaasee akkana jedhe; "kana caalaa rageessitoota maalii nu barbaachisa? 64Waaqa arrabsuu isaa isinuu dhageettaniirtu; maali isinitti fakkaata ree?"

Cufti isaaniis du'atu isaaf mala jedhanii isatti muran. 65Namoonni tokko tokkos isatti tufuu jalqaban; fuula isaas haguuganii tontoommoon[z] rikutanii,"raajii dubbadhu[a]!" jedhaniin. eeddonnis fuudhanii isa kakkabalan[b].

**Pheexiroos Yesuusin Ganuu Isaa**

*14:66-72 Kwf ⇒ Mat 26:69-75; Luq 22:56-62*
*Yoh 18:16-18, 25-27*

66Otoo Pheexiroos keellaa sana keessa gara gadii jiruu garboota luba ol aanaa kanneen dubraa keessaa tokko dhufte; 67Isiinis otoo Pheexiroos ibidda qaqqaammatuu argite; hubattees isa ilaaltee, "Atis Yesuus nama Naazireeti sana waliin turte" jetteen.

68Innis, "ani waan ati jettu hin beeku; naa hin galus" jedhee gane; karra keellaatiinis gadi ba'e; kormi lukkuus ni iyye.

69Garbittiini sun ammas isa argitee, warra achi dhadhaabataniin, "Namichi kun jara keessaa tokkoodha" jette. 70Inni garuu ammas ni gane .

Yeroo xiqqoo booddee ammoo warri achi dhadhaabatanii turan Pheexiroosiin, "atis waan nama Galiilaa taateef dhugumayyuu jara keessaa tokkoo dha!" jedhaniin.

71Inni garuu, "Ani namicha isin waayee isaa dubbattan kana hin beeku" jedhee of abaaruu fi kakachuu jalqabe.

72Yoosuma kormi lukkuu lammata iyye; Pheexiroosis dubbii Yesuus," otoo kormi lukkuu yeroo lama hin iyyin, ati yeroo sadii na ganta" isaan jedhee ture sana qaabatee[c]; hiqqifatees[d] boo'e.

**Yesuus Fuula Philaaxoosi Duratti Dhiyeeffamuu Isaa**

*15:2-15 Kwf ⇒ Mat 27:11-26; Luq 23:2,3, 18-25; Yoh 18:29-19:16*

15 Akkuma lafti bariiteen luboonni hangafoonni[e] maanguddoota, barsiistota seeraatii fi guutuu yaa'ii Yihuudootaa waliin mariyatanii Yesuusin hidhanii, geessanii Philaaxoositti dabarsanii kennan.

2Philaaxoosis, "Ati Mootii Yihuudotaatii?" jedhee isa gaafate.

[y]61 ykn *Kiristoos;* [z]65 ykn *abootteen;* [a]65 ykn *mee fagi;* [b]65 ykn *dhadhabanaasan;* [c]72 ykn *yaadatee;* [d]72 ykn *yiiyyisee;* [e]1 ykn *qaallolee gugurdoo*

Yesuus immoo, "Eeyee, akkuma ati jettee dha" jedheen.

[3]Luboonni hangafoonni waan baay'een isa himatan. [4]Philaaxoos ammas, "ati deebii kennitu tokkollee hin qabduu? Isaan waan hagamiin akka si himatan mee ilaali!" jedhee isa gaafate.

[5]Yesuus garuu deebii biraa[f] tokkollee hin kennineef; Philaaxoosis ni dinqifate[g].

[6]Nama hidhame kan sabni akka gadi isaa dhiifamuuf kadhatu tokko guyyaa ayyaanaatiin gadi dhiisuun bartee[h] ture. [7]Namichi Baarbaan jedhamu tokko finciltoota[i] lola kaasanii nama ajjeesan wajjiin hidhamee ture. [8]Namoonnis Philaaxoos bira dhaqanii akka inni waan duri gochaafii ture sana isaanii godhu isa kadhatan.

[9]Philaaxoosis, "akka ani mooticha Yihuudotaa gadi isinii dhiisu barbaadduu?" jedhee isaan gaafate; [10]Inni akka luboonni hangafoonni hinaaffaadhaan Yesuusin dabarsanii isatti kennan ni beeka tureetii. [11]Luboonni hangafoonni garuu akka Philaaxoos Yesuusin dhiisee Barbaanin gadi isaanii dhiisu akka isa kadhataniif namoota kakaasan.

[12]Philaaxoos immoo, "yoos namicha isin mootii Yihuudotaa jettaniin kana maal godhu ree?" jedhee ammas isaani gaafate.

[13]Isaanis, "isa fannisi!" jedhanii iyyan.

[14]Philaaxoosis, "Maaliif? Inni maal balleesse?" jedhee gaafate.

Isaan garuu ittuma caalchisanii, "Isa fannisi!" jedhanii iyyan.

[15]Philaaxoosis namoota gammachiisuuf jedhee Barbaanin gadi isaanii dhiise;Yesuusin garuu garafsiisee akka inni fannifamuuf dabarsee kenne.

**Loltoonni Yesuusitti Qoosuu Isaanii**

*15:16-20 Kwf ⇒ Mat 27:27-31*

[16]Loltoonnis Yesuusin galma Phiraayitooriyoon jedhamu tokko seensisan; kutaa loltootaa maras walitti waaman. [17]Uffata diimaa dhiilgee itti uffisan; gonfoo[j] qoraattiis micciranii dha'anii mataa isaa irra kaa'an; [18]Isaanis, "Yaa Mootii Yihuudotaa, akkam jirta!" jedhanii nagaya gaafachuu[k] jalqaban. [19]Uleedhaanis mataa isaa rurrukutan[l]; isattis tufan; jilbiinfataniis sagadaniif. [20]Erga isatti qoosanii booddees uffata diimaa dhiilgee sana irraa baasanii uffata isaa deebisanii itti uffisan; fannisuufis isa geessan.

[f]5 ykn *dhibii;* [g]5 ykn *ajaa'ibsiifate/ maadeffate;* [h]6 ykn *aadaa;*[i]7 ykn *finqiltoota;* [j]17 ykn *surree ruufaa;* [k]18 ykn *nagaya fuudhuu;* [l]19 ykn *dhadha'an*

**15:17** *Uffata diimaa dhiilgee* - uffata loltoota Roomaa kan wayaa kaan irratti uffatamu.

### Yesuus Fannifamuu Isaa

*15:22-32 Kwf ⇒ Mat 27:33-44; Luq 23:33-43; Yoh 19:17-24*

[21]Isaanis namicha Qareenaa kan
Simoon jedhamu tokko otoo inni
baadiyaadhaa dhufuu arganii akka
inni fannoo Yesuusi baatuuf isa
dirqisiisan[m]. Namichi kunis ab-
baa Aleksaandiroosiitii fi Ruu-
foos ture. [22]Isaanis lafa Golgootaa
jedhamutti Yesuusin geessan;
Golgootaa jechuun lafa buqqee
mataa jechuu dha. [23]Jarris akka
inni daadhii wayinii kan qumbiin
walitti makame dhuguuf kennaniif;
inni garuu dhuguu dide. [24]Isaanis
isa fannisan; uffata isaas gar-
gari qoodanii tokkoon tokkoon
isaanii isa kam akka fudhatan
beekuuf hixaa buufatan.
[25]Yeroon isaan itti isa fanni-
sanis ganama sa'aatii sadii ture.
[26]Katabbiin waan inni ittiin
himatamees, "MOOTII YI-
HUUDOTAA" jedha ture.
[27]Saamtota lamas isaa waliin,
isa tokko karaa mirga isaa,kaan
immoo bitaa isaatti fannisan.
[28]Kanaanis dubbiini kitaabni,
"inni seera-cabsitootatti lak-
kaa'ame[n]" jedhu sun ni raawwa-
tame[o]. [29]Warri aachiin dabranis
mataa isaanii raasanii[p] akka
malee isa arrabsaa turan; akkanas
isaan jedhan; "ati namni mana
qulqullummaa diiddee guyyaa
sadiitti deebiftee ijaartu, [30]Mee
of oolchiitii fannoo irraa gadi
bu'i!"
[31]Luboonni hangafoonnii fi bar-
siistonni seeraa akkasuma isatti
qoosaa, akkana waliin jedhan;
"Inni warra kaan oolcheera; ofii
isaa garuu oolchuu hin danda'u!
[32]Akka nuu arginee amannuuf[q]
Kiristoos kun, mootiin Israa'eli
kun, mee amma fannoo irraa
gadi haa bu'uu." Warri isa waliin
fannifamanis isa arrabsan.

### Du'uu Yesuusi

*15:33-41 Kwf ⇒ Mat 27:45-56; Luq 23:44-49*

[33]Sa'aatii ja'affaa irraa jalqabee
hanga sa'aatii saglaffaatti[r] duk-
kanni lafa cufa haguuge. [34]Sa'aatii
saglaffaattis Yesuus qoonqa[s]
guddaan, "Eeloohee! Eeloohee!
Lamaa Sabaqtaanii?" jedhee iyye.
Kunis, "Yaa Waaqa kiyya! Yaa
Waaqa kiyya! Ati maaliif na
dhiifte?" jechuu dha.
[35]Warra achi dhadhaabatan
keessaas tokko tokko yommuu
waan kana dhaga'anitti, "Ilaa!
Inni Eliyaasin waammataa!" jedhan.
[36]Namichi tokkos fiigee daadhii

[m]21 ykn *giddeessan;* [n]28 ykn *hedame;* [o]28 ykn *guutame;* [p]29 ykn *hargufanii;* [q]32 ykn *dhugeeffannuuf;* [r]33 ykn *sagaleessootti;* [s]34 ykn *qoonqoo/sagalee*

**15:21** *Qareenaa* - Magaalaa (dira) Giriikii kan qarqara kaaba Afriikaa naannoo hardha Liibiyaa jedhamutti argamtu tokkoo dha.

wayinii dhangaggaa'aa[t] keessa
spoonjii[u] cuuphee, uleetti kaa'ee,
akka Yesuus dhuguuf kenneefii,
"Mee dhiisaa! akka Eliyaas dhufee
fannoo irraa isa buusu ilaallaatii"
jedhe.
**37**Yesuusis qoonqa guddaan
iyyee lubbuu isaa kenne[v].
**38**Golgaan[w] mana qulqullummaas
olii hanga gadiitti bakka lamatti
tarsa'e. **39**Ajajaan dhibbaa kan
Yesuusitti garagalee dhaabachaa
tures yommuu iyyuu Yesuusi
dhaga'ee akka inni itti du'a argetti,
"namichi kun dhugumaanuu
Ilma Waaqayyoo ture" jedhe.
**40**Dubartoonni[x] tokko tokkos
fagoo dhadhaabatanii ilaalaa turan;
isaan keessaas Maariyaam ishii
Magdalaa, Maariyaam haadha
Yaaqoob isa quxisuutii[y] fi haaaha
Yoosee, Saloomee fa'a turan.
**41**Isaanis yeroo inni Galiilaa
turetti isa faana deemanii isa
tajaajilaa[z] turan; dubartoonni isa
waliin Yerusaalemitti ol-ba'an
baay'een kaanis achi turan.

**Yesuus Awwaalamuu Isaa**

15:42-47 Kwf ⇒ *Mat 27:57-61; Luq 23:50-56; Yoh 19:38-42*

**42**Guyyaan itti aanu waan San-
bata tureef guyyaan sun guyyaa
qophii ture; akkuma aduun dhi-
iteenis, **43**Yooseef namni Ar-
maatiyaa, miseensi yaa'ii Yihuu-
dotaa beekamaan tokko ija[a] ja-
beennaan Philaaxoos bira dhaqee
reeffa Yesuusi isa kadhate;
Yooseef mataan isaa mootum-
maa Waaqayyoo eegachaa ture.
**44**Philaaxoosis yommuu du'uu
isaa dhaga'etti ni maadeffate;
ajajaa dhibbaa sanas ufitti
waamee, Yesuus eegii du'ee tu-
ruu fi turuu baachuu isaa gaafate.
**45**Akka inni du'es ajajaa dhibbaa
sana irraa erga mirkaneeffatee
booddee reeffa sana Yooseefiif
kenne. **46**Yooseefis Huccuu[b] quncee
talbaa irraa hojjatame bitee reeffa
sana fannoo irraa gadi buusee,
eega huccuu sanaan kafanee
booddee awwaala garaan qarsaa
muramee qopheeffame tokko keessa
kaa'e; Balbala awwaala sanaattis
dhagaa gangalche. **47**Maariyaam
isiini Magdalaatii fi Maariyaam
haati Yoosee lafa inni kaa'ame
ilaalaa turan.

**Yesuus Du'aa Ka'uu Isaa**

*16:1-8 Kwf ⇒ Mat 28:1-8; Luq 24:1-10*

**16** Erga Sanbanni dabree
booddee[c] Maariyaam ishiin
Magdalaa, Maariyaam haati
Yaaqoobiitii fi Saloomeen dhaqanii
reeffa Yesuusi dibuuf jedhanii
urgooftuu bitan. **2**Isaanis guyyaa
jalqaba torban sanaa ganama
barii akkuma aduun baateen gara
awwaala sanaa dhaqan; **3**"Eennutu

[t]36 ykn *hadhaawaa;* [u]36 ykn *bututtuu laaftuu;* [v]37 ykn *hiikkaani tokko tokko du'e jedha;* [w]38 ykn *gollii;* [x]40 ykn *nadheeni;* [y]40 ykn *maandhichaatii;* [z]41 ykn *jala hojjachaa;* [a]43 ykn *adda;* [b]46 ykn *wayaa/carqii;* [c]1 ykn *duubatti*

balbala awwalaa irraa dhagicha nuu gangalcha?" jedhaniis wal gaafatan.

4Yommuu millatanii ilaalanitti garuu akka dhagaan sun afaan awaalichaa irraa gangalfame argan; dhagichis baay'ee guddaa ture. 5Isaanis awwaala keessa seenanii dargaggeessa uffata adii uffate tokko isaa karaa harka mirgaatiin taa'ee jiru argan; ni na'anis.

6Innis akkana isaaniin jedhe; "hin na'inaa! Isin Yesuus Nama Naazireeti isa fannifamee ture barbaaddu; inni ka'eera; asi hin jiru; ilaa! bakka[d] isaan isa kaa'anii turan. 7Garuu dhaqaatii, 'inni akkuma isinitti hime sana isin dursee Galiilaa ni dhaqa; achittis isa ni argitu' jedhaatii barattoota isaatii fi Pheexiroositti himaa."

8Dubartoonni[e] sunis hollachaa fi ajaaibsiifachaa[f] awwaalicha keessaa ba'anii baqatan; sababii sodaataniifis nama tokkottillee waan tokko hin dubbanne.

9Yesuusis barii guyyaa jalqaba torban sanaa yeroo du'aa ka'etti duraan dursee Maariyaam ishii Magdalaatti mullate; Maariyaam tunis tan inni jinnii torba ishii keessaa baasee turee dha. 10Ishiinis dhaxxee otoo warri isa waliin turan gadduu[g] fi boo'uutti jiranuu isaanitti himte. 11Isaan garuu yommuu akka Yesuus jiraataa[h] ta'ee fi akka ishiin isa argite dhagayanitti waan sana hin amanne[i].

12Eegasiis isaan keessaa namoonni lama otoo baadiyaa dhaqaa jiranuu Yesuusi bifa dhibiin[j] isaanitti muldhate. 13Jarris deebi'anii warra hafanitti himan; isaan garuu warra kanas hin amanne.

14Ergasiis Yesuus warra kudhanii tokkotti otoo isaan maaddiitti[k] dhiyaatanii jiranuu isaanitti muldhate; innis sababii isaan warra erga inni du'aa ka'e isa argan sana amanuu didaniif, amantii dhabiisa isaaniitii fi mata-jabeenna isaaniitiif isaanitti dheekkame.

15Innis akkana isaaniin jedhee; "gara addunyaa cufaa dhaqaa; uumama cufattis wangeela lallabaa. 16Namni amanuu fi cuuphamu marti ni fayya; nama hin amannetti garuu ni murama. 17Milikkinni[l] kunis warra amanan irraa muldhata; isaan maqaa kiyyaan jinniiwwan baasu; afaan haarayaan dubbatu; 18Harka isaaniitiin bofa ni qabu; yoo waan nama ajjeessu dhugan isaan hin miidhu; harka isaanii namoota dhukkubsatan[m] irra ni kaa'u; namoonnis ni fayyu."

[d]6 ykn *fulaa;* [e]8 ykn *nadheeni;* [f]8 ykn *maadeffachaa/dinqifachaa;* [g]10 ykn *laaleffatachuu;* [h]11 ykn *hiikkaani tokko tokko du'aa ka'e jedha;* [i]11 ykn *hin dhugeeffanne;* [j]12 ykn *biraatiin;* [k]14 ykn *gololatti;* [l]17 ykn *malkanni/milikkeetii;* [m]18 ykn *fayyaa hinta'in*

19 Gooftaa Yesuus erga isaanitti dubbatee booddee gara samiitti ol fudhatamee karaa mirga Waaqay-
yootiin taa'e. 20 Barattoonnis achii ba'anii bakka hundatti lallaban; Gooftaanis isaan wajjiin hojjachaa ture; dubbii isaas dinqiiwwan hojjatamaniin ni mirkaneessa ture.